



## Barana omishtummaa fooyya'aa galmeessisuuf hirmaanna cimaa akka barbaachisu Doktar Abiyyi ibsan

Riippoortara Gaazexichaatiin

**Finfinnee:** Barana sagantaa maaddii guutuutiin omishtummaa fooyya'aa galmeessisuuf hirmaanna cimaa akka barbaachisu Ministri Muummee RFDI Doktar Abiyyi Ahmad akeekan.

Doktar Abiyyi gama miidiyaa hawaasummaasaaniin Maaddii Guutuun sagantaa biyyalessaa omisha aannanii, lukkuu, killee, dammaa, qurxummiif foonii fooyyessuuf hojiirra oolaa kan jiru ta'uun ibsaniru.

Itoophiyaattii bara darbee omishni aannanii, lukkuufi foonii akkaataa karoofameen fooyya'iinsa argisiisuus himaniiru. Baranas omishtummaa fooyya'aa argamsiisuuf hirmaanna cimaa barbaachisa jedhaniiru.



## Dhalootni biyya walharkaa fuudhee akka ceesisuuf riqicha tolchuun barbaachisaadha

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Dhalootni burqaa yookaan hidda ganamaasaa hinbeekne biyya dabareen ittifusiisuuf waan rakkatuuf ilmaan daayaasporaa biyya ambaatti dhalataniif waamichi karaa Ministira Muummee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahmad dhiyaate. Doktar Abiyyi akkuma gara angotti dhufaniin lammilee Itoophiyaa biyyoota garagaraa jiraatan waliin mari'achuu qofa ossoo hintaane gara biyyasaanii akka dhufaniif waamicha dhiyeessaa turaniiru.

Miilana bifa adda ta'en ilmaan



Amabaaddar Naasisee Caalii

daayaasporaa biyya ambaatti dhalataniif waamicha dhiyaate ilaalchisee Roobii

darbe Ministri Tuuriizimii Ambaasaaddar Naasisee Caalii ibsa kennaniiru. Akka isaan jedhanitti, dhalootni ka'umsaafi galumsaasaa hinbeekne biyya dabareen ittifusiisuuf hindanda'u. Kanaafuu, ijooleen warrisaniit Itoophiyaa ta'anii alatti dhalatan seenaa maddasaanii ganamaa taate Itoophiyaa hubachuu qofa ossoo hin taane addunyaa hubachiisuu akka danda'aniif waamichicha dhiyeessuun barbaachise.

Waamichi dhaloota lammaffaa Itoophiyaa ta'an kunneeniif taasifame kun qaama waamicha kanaan dura daayaasporaa

Gara fuula 14tti

**“Boqqonaan  
maraammartoo  
jeequmsaa mariin  
cufamuu qaba”**

- Obbo Baggaalaa Nagaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Seenaan maraammartoo jeequmsaa biyyattii mariin goolabuufi yaada furmaataa mariin

Gara fuula 14tti

## “Haroon Wancii gara fuulduraatti madda dinagdee olaanaa ta'a”

- Obbo Dhaabaa Jinfeessaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Wancii: Haroon Wancii Naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Wancii, Ganda Wanciitti Finfinneerraaii kiiloometira 140 fagaatee argama. Haroon kun gaarreen bosona uffataniin marfamee argamuunsa haroowwan naannichis ta'e biyyattiin qabdurraa adda isa taasisa. Bosonni uumamaafi haalli teessuma lafaa naannawaa harichaas daran qalbiis namaahawwatu.


Haroon miidhagina addaa qabuufi jannata lafarraa jedhamee waamamu kun baroota dheeraaf utuu himmisoomin ija turistoota addunyaa jalaa dhokane ture kun yeroo

ammaa misoomee qalbiis turistoota biyya keessaafi alaa hawwachaa jira. Ijaarsi Pirojektii Ikoo Turizimii Haroo Wancii yeroo ammaa xumuramee eebbaaf qophiirra jira.

Qindeessummaa Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaatiin gareen gaazexeessitootaa Dilbataa darbe sadarkaa ijaarsi pirojekticha irra jiru daaw'ateera.

Qindeessaan pirojekticha Obbo Dhaabaa Jinfeessaa daaw'annicharratti akka jedhanitti, ijaarsi pirojekticha wagga lama dura jalqabame. Pirojektichaan daandiin asfaaltii kiiloometira 42, loojiwwan, pikinikoonni afuriifi tiraakiin atileetonni irratti leenji'an naannawaa Haroo Wanciitti

Gara fuula 15tti



Suurri Barrithun Taaddaataan

# ODUU

## Dippiloomaaasiin Itoophiyaa gocha qabatamaan dabaalamaa jira

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Dippiloomaaasiin Itoophiyaa yaadaan qofa osoo hintaane hojii qabatamaan mul'achaa jiraachuu Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatti Miseensi Koree Hajaa Alaafi Nageenyaa Ambaasaaddar Diinaa Muftii ibsan.

Ambaasaaddar Diinaan ibsa torban darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaif kennaniin akka ibsanitti, Itoophiyaaan biyyoota ollaa waliin hariiroo bu'aa gama lameenii, dhaabbilee sadarkaa Afrikaa kanneen akka Igaadiifi warra sadarkaa idiladdunyaa waliin ammoo hariiroo roga maraa taasisaa jirti. Itoophiyaa biyyas ta'e dhaaba idiladdunyaa kamuu waliin hariiroo qajeelfama fayyadumma waloo hordofti.

Itoophiyaa wayita ijaarsa Hidhaa Laga Abbayyaa jalqabdu biyyootni yaa'aa Lagichaa gadii garajalqabaatti sodaa, "Hangi bishaanii nu jalaa hanqachuun rakkoo hamaaf nu saaxila" jedhuun Itoophiyaa waltajji idiladdunyatti hadheessa turuu yaadachiisani; hojii dippiloomaaasi cimaa hojjetameen ijaarsi hidhicha xumuratti dhufuun bu'aa dippiloomaaasi qabatamaan mul'ate ta'uus ibsaniru. Milkaa'inni argame akkuma jirutti ta'ee fayyadumma haqaqabeessa diriirsuuf tibbana mariin Itoophiyaa, Sudaanifi Gibxii hirmaachise Finfinneetti taa'amuu eeraniiru.

Kana malees, jijjiirama haala qilleensaa



Ambaasaaddar Diinaa Muftii

addunyaaf qormaata ta'e keessatti sagantaan ashaaraa magarisaa waltajji addunyatti akka fakkeenyatti dhiyaachuuun dippiloomaaasi guddaa ta'uus kaasani; biyyootni hedduun Itoophiyaaarraa muuxannoo fudhachuu maddiitti Itoophiyaaan biqiltuwwan biyyoota ollaaf gumaachuun maqaa gaarii horachuuushee himaniiru.

Haariiroo Humna Qilleensaa Afrikaa cimsuuf Itoophiyaa fooramii Humna Qilleensaa tibba darbe Itoophiyaaan qopheessite hojii dippiloomaaasi biyyoota Afrikaa kan jabeessu ta'uus eeranii; gama daldalaatiinis qajeelfama bu'aa waloo Itoophiyaa hordoftu fudhatamummaashee dabaluu yaadachiisaniiru.

Akka ibsasaaniitti, Itoophiyaaan fedhiishee giddugaleeffachuudhaan bu'aa diinagdee, siyaasaaifi hawaasummaa guuttachuu hariiroo dippiloomaaasi milkaa'aa ta'e gaggeessaa jirti. Biyyoota ollaa waliin hariiroon dippiloomaaasi bu'aa waloo giddugaleeffateen gaggeeffamaa jiraachuu himani; sadarkaa Afrikaafi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii waliiniis hariiroon dippiloomaaasi walfakkaataa taasisaa jirti.

Itoophiyaaan dippiloomaaasi taasistu keessatti birmadammaan biyyaafi lammileeshee hangafa ta'uus himani; haaluma kanaan nageenyaa lammileeshee biyya keessaafi ala jiraatan haala kabachiisurratti nageenyaa lammileesheerratti biyyoota waliin fulleffattaa hojjechaa jiraachuu dubbataniiru.

Dippiloomaaasiin kennanii fudhachuu ta'uus himani; Itoophiyaaan qabeenyaafi beekumsa qabdu addunyaf quoduun addunyarraa fudhataa jirti. Guddina dinagdeesheefis ta'ee nageenyaa waaraa mirkaneessuuf biyyoota waliin walittidhiyeenyaan hojjechaa jiraachuuus ibsaniru.

Gaaffii ulaa galaanaa karaa nagaan gaafatame milkeessuu akkasumas maqaa gaarii Itoophiyaa addunyatti beeksisuun dirqama hundaa waan ta'eef dhaabbileen barnootaa, abbootiin amantaafi dayaspuraan qindoominaan akka hojjetaniif waamicha dhiyeessaniiru.



Doktar Qosxanxinoos Dhaabbata

**Meeshaaleen ashuurarraa bilisaa alaa galan guddina dinagdeetiif shoora olaanaa qabu**

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Meeshaaleen ashuurarraa bilisaa alaa galan guddina dinagdee biyyattii saffisiisu keessatti shoora olaanaa akka qaban Hayyuun Dinagdee Doktar Qosxanxinoos Barihetasfaa ibsan.

Doktar Qosxanxinoos Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaif Roobii darbe akka ibsanitti, meeshaaleen ashuurarraa bilisa alaa galan guddina dinagdee biyyaa keessatti qoodaa olaanaa qaba. Meshaaleen kunneen dhaabbilee tajaajila ummaataa babal'isuufi gargaarsa namoomaa gabbisuuf gahee guddaa qabu.

Akka ibsasaaniitti, fayyadumma dinagdee lammilee biyyattii dhugoomsuuf dhaabbileen wayita meeshaalee ashuurarraa bilisaan galchan gabaa tasgabbeessuufi dinagdee itichuuf humna horatu. Dhaabbileen meeshaalee warshaaf barbaachisan dhiyeessan ashuurarraa bilisa galchan tajaajila warshaaleen ummataaf kennan akka adda hincinne utubuufi fedhi ummataaf guutuu taasisu.

Meeshaaleen qonnaaf barbaachisan yoo ashuurarraa bilisa ta'an hojii qonnaa si'eessuun omishaafi omishtummaan akka dabalu gargaaru. Fedhi bu'uraalee misoomaatiif ummatni qabu guutuuf qoodni meeshaalee ijaarsaa ashuurarraa bilisa galanii olaanaadha. Alergiin abaaboo akka dabalu taasisuuf dhaabbilee alergii abaaborratti hirmaatan baankiirraa hanga %70tii akka liqeefatan taasisuun wagaa waggaan galii alergii abaaborraa doolaarri biliyoona walakkaan ol akka argamu taasiseera.

Haaluma walfakkaatuun rakkoo waajiraailee Finfinnee keessa ture furuuf meeshaaleen ijaarsaa ashuurarraa bilisa akka galaniif mootummaan liqii baankii %70 dhiyeessuun ijaarsi gamoo magaalatti babal'achuun rakkoon waajiraailee furamuun danda'eera.

Imaammataa mootummaan baase hordofuun konkolaataan humna elektrikiin deemuuf ashuurarraa bilisa galuun faalama qilleensaa ittisu keessatti shoora olaanaa gumaacheera. Dabalataanis, Itoophiyaaan poteenshaala anniisa elektrikii hedduun waan qabduuf sirna geejibaashee gara poteenshaala qabduuti jijjiiruun bittaa boba'aad doolaaran galu hir'suun guddina dinagdee biyyaaf gumaachisaa guddadha jedhaniiru.

Manca'uun bosonaa dhaabuuf omishni mukeen ijaarsaaf barbaachisan baasii ashuuraa malee galuunsanii mancaatii bosonaa hanga tokko hir'suu himani; haala qabatamaa rakkoo biyyattii bu'ura godhachuu eeyyamaa mootummaan seektarootaaf akka eeyyamus himaniiru.

Meeshaaleen gargaarsaan namoomaa ashuurarraa bilisa galan lammilee naannawaa hongeen miidhaman gargaaruuf gahee guddaa taphataniru.

## Maqaa invastimantiin weerarri lafaa bal'inaan adeemsifamaa ture

Taammiruu Ragaasaa

**Finfinnee:** Hundeffamasaa dura magaalaan Shaggar bakka rakkoon bulchiinsa gaariif alseerummaan itti dagaage waan tureef maqaa invastimantiin weerarri lafaa bal'inaan adeemsifamaa turuu Kantibaan Magaalichaa Doktar Tashoomaa Addunyaa ibsan.

Dhiyeenya magaala Finfinneetti qabuuuf carraa gaarii guddinaaf qaburraan kan ka'e magaalichi ijaafi qalbiin abbootii qabeenya maxxaneefi abbootii qabeenya misoomaa keessa galti. Ta'us qabeenyi guddaan magaalattiin qabdu qabeenyi lafaa barootaaf abbootii qabeenya maqaa invastimantiitii socho'niin saammamaa tureera.

Doktar Tashoomaan Wiixata darbe haala sochii invastimantii magaalichaa ilaalchisee ibsa miidiyaaleef kennaniin akka jedhanitti, kaayyoo barbaadamuuf yoo oole invastimantiin guddina fida, carraa hojii uuma, galii biyyaa dabala, biyyoonni invastimantiin itti dagaage guddina saffisaan ittigalmaahudha.

Magaallii Shaggar yommuu hundeffamu invastimantii misoomawaa saffisiisuuf koree hundeessuun hojjiitii galame kan jedhan kaantibaan kun; rakkolee seektaraa invastimantii keessa jiran furuuf jalqabatti daataadhaan qindeessutu taasifame jedhu.



Doktar Tashoomaa Addunyaa

Jalqaba hundeffama magaalichaatti invastimantiawan kuma afuriifi 812tu boordii invastimantiiraa eeyyamaa fudhatee socho'aa kan turan yoo ta'uun keessaan invastimantiawan 2004 qofa hojjiitii seenuu ibsaniru.

Yeroo sanatti alseerummaa invastimantiin wal qabatee rakkoo wal xaxaa heddu magaalicha keessatti mul'achaa ture kan jedhan Doktar Tashoomaan; abbootii qabeenya kuma tokkoofi 62 lafa isaanif hineyamne qabataniif argamuusaa ibsaniru.

Rakkolee seektaraa keessatti mul'achaa jiran hiikuuf bulchiinsi magaalicha tarkaanfiwan seeraa fudhachaa jiraachuu

eeranii; abbootii qabeenya ijaarsara wagaa shaniifi isaa ol turan, beekamtii waajiraa invastimantii malee kan akaakuu invastimantii jijiiran, lafa fudhatan invastimantii oolchuu osoo qabuuu kanneen kireessanirratti tarkaanfiin kan fudhatame ta'uus hubachiisaniiru.

Bu'uruma kanaan abbootii qabeenya dafanii gara hojjiitii hingalleefi akka waliigalteetti hinjohjenne kuma tokkoofi 602tii of eeggannoon kan itti kennname yommuu ta'u, waliigalteen invastimantii 604 ammoo haqamuusaa ibsaniru.

Rakkoo bulchiinsa lafaa malee, hanqinni lafaa akka hin jirre yaadachiisani; qaamota alseerummaa invastimantii raawwatanirratti tarkaanfi seeraa fudhachuu hojjiin lafa gara baankii lafaatti deebisuuh hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Rakkolee kanaan dura turan gara fuulduu akka hin mul'anneef simannaa invastimantii tajaajila si'ataafi saffisaan kennuuf sooftiveerii mataasaa danda'e misoomsuun tajaajila kennamu karaa dijitalawaa ta'en kennaa jiraachuu

Magaalicha keessatti carraa invastimantii akaakuu 14 kutaalee magaalicha hunda keessatti adda baafamuu ibsanii; invastimantii jaarree 21ffa madaalu diriirsuuf sochii taasisaa jiraachuu hubachiisaniiru.

# Ijoo Dubbii

## Ikoo turizimii Wancii-Dandii bu'aa yaadama haaraa

Yeroo baay'ee Itoophiyaan, keessumaa Oromiyaan qabeenya uumamaan badhaatuudha yommuu jedhamu barteedhumaa waan jedhamu nutti fakkaata. Dhugumaan wanti yeroo dhihoofti as argaafi dhaga'aa jirru garuu waan kana nuu mirkaneessuudha. Bakkeewwan hawwata turizimii kaka'umsa Ministira Muummee Abiyyi Ahimad (PhD) tiin misoomanii tajaajilaaf oolaa jiran agarsiiftuu ta'uurratti argamu.

Kutaalee biyyattii garagaraa keessatti moggaasa piroektii 'Maaddiin Biyyaaf' jedhuun, hirmaanna hawaasaatiin hojiileen hoijetamaa jiran biyyaaf miidhagina dabaluurra darbee utubaalee dinagdee shanan mootummaan adda baafate keessa turizimiin tokko ta'uusaa dhugoomsaa jiru.

Piroektii kanneen keessa Godina Shawaa Kibba Lixaatti hoijetamee xumuramuun eebbaaf qophaa'aa kan jiru piroektiin ikoo turizimii Wancii-Dandii isa tokko yoo ta'u, ijaarsi marsaa tokkoffaasaa guutummaatti xumuramee guyyaa eebbaa qofa eegaa jira.

Piroektii meeggaa kun ijaarsi marsaa tokkoffaasaa waggaa lamaafi ji'a ja' a keessatti baasi qarshii biliyoona afuriin xumuruuf kan karorfamee yoo ta'u, bu'uruma qabameen xumuramaa jiraachuu qindeessaan ijaarsa piroektichaa Obbo Dhaabaa Jinfessaa gaafdeebii tibbana Gaazexaa Bariisaa waliin taasisani ibsanii.

Piroektichi daandii kiiloo meetira 42 hanga Haroo Dandiitti fagaatu, piikinikiwwan guguddoo (bakkeewwan qubata bashannanaa) afur, bakka meeshaa daawwitiirraa hoijetamerra dhaabatani gadi daaw'atan, riqicha socho'aa meetira 69 dheeratu, balbal seensa duudhaa Oromo mul'isu, suuqiwwan, baankii, manneen nyaataa, mana bunaa, loojiwwaniifi ijaarsawan garagaraa daran ammayyaa'oo of keessa qaba.

Xumuramuun piroektichaa aanaalee Wanciif Dandii qofaaf osoo hintaane godina, naannoofi biyyaafillee faayidaa olaanaa qabaachuurra darbee turizimii biyyattiirratti sadarkaa tokko kan dabaluudha.

Piroektii kana adda kan taasisu haala taa'umsa lafaafi uumama naannawichaa osoo hinjijiiriin sona itti dabaluun hoijetamuussaa haala seenna jirenya hawaasa naannawichaa jijiiruuf fayyadamaa taasisuun hoijetame. Hordoffifi deggarsi mootummaas olaanaa ta'uuf qamni piroekticha gaggeessullee halkanii guyyaa hojjechuun dandeettiin piroektota dafanii xumuruu kan ittimal'ate darbees bu'aan yaadama haaraa qabatamaan kan itti mul'atedha.

Wanti biraan piroektii kana adda taasisu guutummaatti hirmaanna ummataatiin waan ijaarameef hawaasni hundi qooda keessa qaba. Kanaaf, abbummaadhaan eegaa kunuufachuu dhalootatti dabarsuu kan qabu ummatuma jechuudha.

Ijaarsa piroektichaati namoonni kuma lamaa ol carraa hojii kan argatan yoo ta'u, yommuu guutummaatti tajaajilatti seenamummo namoonni 700 ta'an carraa hojii dhaabbii marsaa jalqabaaf akka argatan ni argatu.

Qonnaan bultooni naannawichaa lafasaanii piroektii kanaaf kennaniis fayyadamoo akka ta'aniif beenyaa kanfaluun cinaatti manneen keessummaa kireessanii galii iraa argachuu danda'an ijaaramanii, dabarfamu qofa eeggatu.

Naannawichi fardeeniin kan beekamu ta'uusaatiinis waldaan fardeenii dargaggoota naannawichaa hirmaachise humna guutuun hojiitti seenuuf qophiisa xumureera. Akkasumas waldaaleen daawwachiisummaa qajeelchummaan beekamanii hawaasa bakkicha daaw'achuuf dhufu tajaajiluu of qopheessaniiru.

Ijaarsa piroektii kanaarratti kontiraaktaroonni hirmaatan kan Xaaliyanootaafi Chaayinoota yoo ta'an, isaanis yommuu hoijetan akkasumaan kaampii ijaarrataniirrii biraa deemuu osoo hintaane dizaayiniin manneen barnootaa qopheeffamee itti kennamee hawaasa naannawichaaf akka ijaaran taasifamuusaati. Haala kanaan guyyaa eeba piroektichaa manneen barnootaa ebbifamanii hawaasa naannawaaf dabarfaman ni jiraatu.

Akka waliigalatti jijiirama as yaadamni haaraa piroektota yeroo gabaabaa keessatti hoijetanii eebbisii sunn akka kallattiitii kan taa'e yoo ta'u, kunis piroektota meeggafis ta'e kameefuu sababa dhiheessun akka hindanda'amne kan agarsiisuuudha. Kanaaf hoggansis yaadama dhaga'aa bu'uuraa ka'anii biraa deebi'uut keessa, ummannis miira abdi kutanna keessa ba'uun biyya walii waliin misoomsurratti hojjechuun qaba.



## Bariisaa

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata  
Piresii Itoophiyaaya  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

**Adeemsisa Hojii**  
**Bil. 011-126-42-22**

**Kutaa Beeksisa:**  
**Bil. 011-156-98-73**

**Raabsa Gaazexaa**  
**Bil. 011-157-02-70**

**Faaksii Kutaa Qophii**

**251-011-1-5698-62**

**L.S.P 30089**

**email-bariisaa@press.et**

**Ethiopian Press Agency**

**Charinnat Hundeessaa**

Lakk. bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Opheessitootni:**

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihiun Takilee

# Yaada



Surri Barrihun Taaddaataan

## "Ikoo Turizimii Wancii-Dandii: Piroektii nu hammate"

- Qonnaan bultoota naannawichaa

### Natsaannat Taaddasaatiin

Haala duraan baratameen ijaarsi hojiilee misoomaa gara garaa qonnaan bultoota lafasaaniirraa buqqisaafi dhiibaa ture.

Ijaarsi Piroektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii garuu nu hammate malee nu hindhiibne jedhu qonnaan bultooni naannawichaa yaada Gaazexaa Bariisaatiif kennani.

Qopheessummaa Biirroo Dhimmoota Kominikeeshinii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin gareen gaazexeessitootaa ijaarsa Piroektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii daawwateera.

Imala keenyaan manneen viillaa mootummaan qonnaan bultoota naannawichaa sababa misoomaatiin lafasaanii dhabaniif ijaare argineerra.

Obbo Magarsaa Kabbadaa, Naggaalliny Dagafuufi Aadde Ayyaluu Hayilamaariyam qonnaan bultoota sababa ijaarsa Piroektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii laftisanii hojii misoomaatiif oole keessa ijaarsa piroektichaa ilaachisuun kanneen yaada nuu kennaniidha.

Qonnaan bultooni naannawichaa akka jedhanitti, "Piroektichi nu hammate malee nu hindhiibne. Yeroo hojiiri ijaarsa piroektichaa jalqabamu lafaafi qe'ee keenyarraa dhiibamnee kaana jennee sodaannee ture.

Mootummaan garuu manneen viillaa 13 meeshaalee mana keessaafi bu'uuraalee misoomaa gutuu qaban naannawa piroektichaati ijaaree nuu kenne. Piroektichi carraa guddaa jiruufi jirenya keenya fooyyessuufi jijiiruuf nuu fidee dhufe malee akka nuti sodaannee ture nu hindhiibne, qe'ee keenyarraas nu hinbuqqifne. Kanaafuu mootummaa carraa kana nuu fidee dhufe daran galateeffanna."

Mana kana yoo barbaanne ji'atti hanga qarshii kuma 70 hanga 100ti kiraan kennachuu dandeenyaa kan jedhan qonnaan bultooni kunneen, "Piroektichi jiruufi jirenya keenya jijiiruufi carraa hojii bal'aa akka argannu kan taasisuudha" jechuun ibsu.

Sababa ijaarsa piroektichaatiin bu'uuraalee misoomaa kanneen duraan hinqabne daandii, ibsaa, mana barnootaa sadarkaasaa eeggateefi kif arganneeraa kan jedhan qonnaan bultooni kunneen, utuu ijaarsi piroektichaa hinjalqabamiin dura daandiif ibsaa hinqabnu



turre jechuun himan.

Yeroo ammaa abbootii warraa 800 naannawa Haroo Wancii jiraatan keessa abbootiin warraa 300 tajaajilaaf ibsaa kan argatan ta'u eeranii, warri hafanis yeroo ittaanuttu tajaajilicha ni argatu jennee abdanna jedhu.

Mootummooni itoophiyaa dhufaa darban Haroo Wancii misoomsuun jiruufi jirenya hawaasa naannawichaa jijiiruuf yaale hinturre. Mootummaan kun garuu naannawa keenya misoomsuudhaan hojii jiruufi jirenya keenya daran fooyyessuufi jijiiru, akkasumas gara fuulduraattis abdi guddaa irraa qabnu nuuf hojjetere.

Qindeessaan piroektichaa Obbo Dhaabaa Jinfessaa gamasaaniin akka jedhanitti, Piroektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii piroektii guddaa yeroo gabaabaa keessatti qulqullinasaa eegee hoijetamee xumuramee eebaaf qophaa'eedha. Piroektichi hawaasa naannawichaa fayyadamaa taasisuun keessattis qoodaa guddaa qaba.

Mootummaan qonnaan bultoota sababa misoomaatiin lafaafi qe'esaanii raa ka'an 13f manneen viillaa sadarkaasaanii eeggataniif meeshaafeefi bu'uuraalee misoomaatiin guutaman kan ijaareef ta'uun himaniiru.

Qindeessaan piroektichaa Obbo Dhaabaa Jinfessaa akka jedhanitti, mootummaan naannoo Oromiyaas qonnaan bultoota naannawichaati ameessa ykn sa'a dhaltii 13 bittee kan kenneef yoo ta'u, isaan keessa sagal dhalaniru. Kana malees hoolotaafi gaagura kannisa ammayyaa'aa bituufi qonnaan bultoota naannawichaatiif kennera. Naannawichi Haroo Wancii qofaan utuu hintaane omisha dammaatiin isaan beekamuuf hawaasni naannawichaa omishicha guddisurratti akka xiyyeffatan yaadachiisaniiru.

# ODUU

## Karra marii hundaaf banaa ta'etti hirmaachuun gahee hundaati

### Waaqshuum Fiqaduutiin

**Finfinnee:** Mariin biyyalessaa yaadame dhimma dhaloota gidduutti nagaa buusuufi biyya ittifufsiisuti malee dhimma paartii siyaasaafi dhimma aangoo itichuu miti. Waldhabdeen dhaloota gidduutti sababoota garaagaraatiin mudate turtii barootaatiin gangalataas as ga'era.

Haaloofi jibbiinsi gara gocha qabatamaatti jijiiramuun waggoottan shanan darban qofa yoo ilaalle ajjeechaan gara jabeenyaa, buqqaati hamaafi mancaatiin qabeenya hedduu biyyattii waggoota dheeraaf boodatti deebisan raawwatamaniiru.

Kibxata darbe Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataati Koreen Dhaabbii Dhimmoota Dimokraasi bobbi hojji naannolee Sidaamaa, Hararii, Beenishaangul Gumuziifi Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti taasiseen raawwii hojji Komishinii Marii Biyyalessaa daawwate ifoomseera.

Korichi daawwannaas taasise kanaan hirmaattotaa marichaafi yaada ajandaa marii kan dhiyeessan bakka bu'oota filachuurrti hojji komishinichi hojjete dinqisiifateera. Heddummina afaanii gabbisuufis ta'e ummatni afansaaatiin yaadasaa akka ibsatutti naannoo Sidaamaatti barjaan afaan naannichaatiin qophaa'uun hojji daran boonsaa ta'eedha.



Hirmaanna qaamolee hundaa mirkaneessuuf hojji komishinichi hojjete waan abdi namatti horu ta'uus Koreen Dhaabbii kun ibseera.

Haa ta'u malee, hirmaannaan dubartootaa laafaa ta'uun akkasumas bakka bu'ootni horsiisee bulaafi qonnaan bulaa haphachuu dhimmoota akka rakkotti ka'aniidha. Bakka tokko tokkotti qajeelfamni Afaan Somaaleetti hiikamee dhiyaachuu dhabuunis akka hanqinaatti ka'era. Qindeessitooni aanaaleerra jiran walitti dhufeenyi isaan koomishinicha waliin qaban laafaa ta'uun dabalata bakka bu'ootas ummata waliin walbarsiisurrti hanqinni mul'ateera.

Komishinarii Komishinicha Pirofeesar Masfin



Araya gamasaaniin, hojji komishinicha dari ulfaataa waan ta'eef cimina, maallaqaafi humna namaa heddumminaan kan barbaadu ta'uudubbataniiru.

Guddina biyyattii walbira yommuu qabamu haala amma yaadameen aanaalee hundarree mata mataatti qabeenyi bakka bu'oota 450 keessummeessuun gara mariitti fidu hin jiru; biyya kamittis raawwatamee hin beeku. Kanaafuu, tooftaa bakka bu'ootni itti filaman jijiiruu dirqama. Koomishinichi rakkoo biyyattii furuuf hanga ta'etti qaama mariitti amanu kamuu harka bal'isee waan simatuuf hirmaachuuf of qopheessuun barbaachisaa ta'uudubbataniiru.

Mootummaan kutannoo nageenyaaf qabu mirkaneessuuf komishinii bilisaa hundeessuu qofa osoo hintaane tumsa barbaachisu taasisaa jiraachuu kan ibsan ammoo Afyaa'i Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa Obbo Taaggasaa Caafooti. Hojji komishinichi haala walaxaa keessatti hojjetes boonsaa tu'u himaniiru.

Akka isaan jedhanitti, Oromiyaatti hojji bakka bu'oota ajandaa dhiyeessan filachuu akka milkaauuf mootummaan tumsa guddaa taasisa. Naanno Tigrayiifi Amaaraattis sochiin akka eegalamu mootummaan gama kamiinuu ni deeggara. Ummatni Itoophiyaas ni tumsa.



Doktar Raahimaa Musammaa



Obbo Abbabaa Taaddasa

### Itoophiyaan beeyladoota kuma 84 ol gara gabaa alaatti ergite

#### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Ji'oota shanan darbanitti Itoophiyaan beeyladoota kuma 84 ol gabaa alaatti erguun galii doolaara miliyoona ja'a ol argachushee Ministeeri Daldalaafi Walittihidhamiinsa Naannawaa beeksise.

Gara fuula 15ti

## Manni Marii Waloo Paartiilee Siyaasaa Oromiyaa paartiileen ga'eesaanii akka ba'an taasisaa jira

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Mariin walgaarreffachuu paartiilee siyaasaa hambisuun ijaarsa sirna dimokraasi biyyaa keessatti ga'eesaanii akka ba'an taasisuuf shoora olaanaa akka qabu Manni Marii Waloo Paartiilee siyaasaa Oromiyaa ibse. Manni maricha Kamisa darbe gabaasa raawwii mana marichaafi dhimmoota adda addaarratti mari'ateera.

Walittiqabaan duraanii mana maricha Obbo Shaafii Huseen haasaa baniinsaa taasisaniin akka jedhanitti, mariin mana marichaan gaggeeffamu barsiifata walgaarreffannaa hambisuun ijaarsa sirna dimokraasi biyyaa keessatti paartiileen naannichaa ga'eesaanii akka ba'anif shoora qaba. Mariiwan hanga ammaatti taasifameen rakkoolee hedduu furuun danda'ameera.

Akka ibsasaaniitti, paartiileen hundi biyya tokko waliin qabanirratti adda addummaasaanii walii kabjuufi rakkoo furuuf mariin mana marichaatiin gaggeeffamu cimee ittifufuu qaba. Adeemsa hanga ammaatiinis damee dargagoo, dubartootaafi miidhamtoota qaamaatiif leenjiin kennamuun akka hojji keessa galan taasifameera.

Adda Walta'iinsa Federaalawaa Demokraataawaa Sabdaneessa Itoophiyaarraa maricharratti kan argaman Obbo Battee Urgeessaa gamasaaniin akka



Sirna walharkaafuudhiinsa (Obbo Shaafii Useen (bitaa), Obbo Muusaa Furoo (mirga)

jedhanitti, mariin waloo paartiilee siyaasa naannichaa jalqabbiinsaa gaariidha. Duraanis kun dhabamnaan walhabdeen babal'ate. Yoo akkanatti ittifufame rakkoolee hafan mariidhaan furuuf haalli mijataan uumama.

Miseensi koree raawwachiistuu hojji paartii 'Izeemaa' Obbo Taariku Dinbaruu mariin mana maree waloo paartiilee siyaasaa naannichaatiin gaggeeffamaa jiru sirna dimokraasi ijaaramaa jiru cimsuuf barbaachisaadha jedhanii. Manni maricha Komishinii Marii Biyyalessaa wajjinis waan hojjetuuf gara fuulduraatti hanqinoota jiran mariidhaan furuuf gumaacha olaanaa qaba jedhanii.

Manni maricha gabaasa raawwii

hojji mana marichaarratti mari'achuu gaggeessitoota haaraa shanis filateer.

Haaluma kanaan Obbo Muusaa Furoo walittiqabaa, Obbo Soloomoon Taaffasaa walittiqabaa ittaanaa, Obbo Kiroos Axnaafuu Barreessaa, Doktar Paastar Bayyanaa Dassalanyiifi Obbo Masaayi Abbabaa miseensa ta'uun filataniiru.

Walittiqabaa mana maricha haaraa ta'uun kan filaman haasaa taasisaniin, ittigaafatamummaa biyyaa guddaa kennameef amanamummaan akka ba'an ibsaniiru. Hojji gara fuulduraatti hojjetan keessatti olaantummaa seeraa kabachiisuun manni maricha dhaabbilee siyaasaa naannicha keessa socho'an hunda hirmaachisuuf akka hojjetanis dubbataniiru.

Suurri Gababuoo Gabiree



BARIISAA SANBATAA Mudde 20 Bara 2016



## Qophii sirna walharkaa fuudhiinsa baallii 75ffaa Gadaa Gujii

**fuula 9**



**“Pirojektiin  
misooma lageenii  
Finfinneerratti  
hojjetamaa jiru  
qulqullina lageenii  
eegsisuu keessatti  
gahee olaanaa qaba”**

- Pirofeesar Tashoomaa Sooromsaa

**fuula 6**



**“Dargaggeessi hojii  
hinqabne, nageenya  
eegsisuuf hamilee  
hinqabaatu”**

- Birhaanuu Baqqalaa

**fuula 10**



## Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin Walta'uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha

### Oromiyaatti faalama naannawaa hir'isuuf qorannoo kaka'umsa ofiitiin adeemsifame

#### Kutaa 5ffaa

Qulqullina naannootiin wal qabatee raadiyesii 50 akka qulqulleessaniifi hawaasni ammoo raadiyesii 20 akka qulqulleessan gochuun hanga barbaadamee gadi ta'uu, magaalota tokko tokkotti bishaan faalame naanno warshaaleetti hedduummaan jiraachuu omishatti gadi lakkisun komiin hawaasa biraa ka'u akka babal'atu gochuudha.

Akkasumas balfawan bakka gataati gataman ilaachisee qilleensaan, allaattiwwaniin fuudhamee omisha qonnaan bulaa irratti haalli itti bittinnaa'u jiraachuufi hawaasni naannichaa yeroo gara garaa komii dhiyeefatus furmaata kan hinarganne ta'uu, warshaaleen gataa adda addaa akka wal harkaa fuudhatanii deebisanii omishuu irratti hojiin hojjetame laafaa ta'uudha.

#### Qaamolee faalama naannawaa ittisuuf hojjetaniin walqabatee

Dhaabbileen qulqullinafi eegumsa naannawarratti hojjetan kanneen akka kollejjii, manneen barnootaafi yunivarsitiwwan adda addaa jiraatanis qaamoleen seeraan hundaa'ani kunuunsa

naannawaarratti hojjetan jiraachuu dhabuu, tumsi gama yunivarsitiwwaniifi kollejjiwwaniin godhamu hanga barbaadame ta'uu dhabuu, waldaaleen IMXn ijaaramanii faalama naannawaa hir'isuurratti hojjetan quufsaa ta'uu dhabuu,

Warshaaleen gataa deebisanii fayyadamuu hundeffaman bu'aa barbaadamu akka fiduuf xiyyeffannoong gama mootummaatiin kennname gadi aanaa ta'uu, dhaabbilee fayyaa, manneen barnootaafi dhaabbilee dhuunfaa keessatti qulqullinaafi eegumsa naannawarratti hubannoong kennamu jijiirama barbaadamu kan hin fidne ta'uu,

Duulli qulqullina naanno, ji'atti al tokko taafisamu walitti fufiinsa kan hinqabne ta'uu, manneen barnootaa keessatti gumii kunuunsa naanno hundaa'e bu'aa barbaadamu kan hinbuusne ta'uu, akka magaalaatti qaamolee dhimma qulqullina naannarratti hojjetaniif jajjabeessituun kennamu kan hinjirre ta'uudha.

#### Sakatta'insa dhiibbaa naannawaarratti hirmaanna ummataa ilaachisee

Dhaabbileen sakatta'insa dhiibbaa

naannawaa osoo hingaggeessiin hayyama argatanii hojii hojjetan aguuggii seeraa kan hinqabne waan ta'eef tarkaanfii fudhachuu rakkoo kan uumu ta'uu, hojii to'annoofi hordoffii gama kanaan hojjetamus laafaa ta'uu, dhaabbanni tokko gaafa hundaa'u Sakkatta'insa dhiibbaa naanno ilaalchisee hawaasa waliin marii taasisuu dhabuu,

Dhaabbileen tokko tokko Ogeessa safety akka ogeessa eegumsa naannooti kan fayyaadaman ta'uu, dhaabbileen tokko tokko yeroo hojiin to'annoofi hordoffii gaggeeffamu hayyamamaafi fedhii kan hin qabne jiraachuu, dhaabbilee bu'aa hordoffiifi to'annooti galtee kennameef fudhatanii hojiirra oolchuuf fedhii hinqabne jiraachuu;

Abbootiin qabeenyaa gaafa Invastimantii dhufanii, lafti kennamuuf, abbaa Taayitaa Eegumsa Naannawaa akka magaalaatti jiruraa waraqaa ragaa dhimma eegumsa naannawaatiin walqabatu akka argatuuf walitti hidhamisiifi walitti dhufeenyi hojmaataa jiraachuu dhabuu,

Warshaalees ta'ee dhaabbilee tokko tokko biratti hanqinni meeshalee laaboraatorii jiraachuu, dhaabbileen tokko tokko dhimma

isaanii hunda Federaala irratti xumuraniif kan dhufan yeroo Hayyama isaanii haaromsataniifi liqidhaaf barbaadan qofa gara Abbaa Taayitaa kanaatti kan dhufan waan ta'eef hojii eegumsaafi qulqullina naanno irratti hanqinni jiraachuu;

Kenninsi hayyama Invastimantii hojii eegumsa naanno jiddu galeessa kan hingodhanneefi haala eegumsaafi kunuunsa qarqara lageenii ilaalcha keessa kan hingalchine ta'uu, rakkolee ykn hudhaalee guguddoo bulchiinsaafi to'anno gataa magaalota warshaaleen 300, hoteelonni 800 oliifi daldalli hedduun jirutti caaseffamni humna namaa to'anno naanno baay'ina dhaabbilee kanaan kan wal hin simne ta'uu,

Iddoon gataan yeroof walitti qabamu ykn tursiifamu dhabamuuf iddoon gataa sadarkaa isaa eeggate jiraachuu dhabuu, dhaabbileefi namoonni dhuunfaa hedduun Diichiwwan jiranitti ujummoon walqabsiisuun balfa dhangal'aa gadi lakkisun naanno faalaa jiraachuuf lojistikii haala qabatamaa magaalotaan kan walhin simne ta'uudha.

**Ittifufa**

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Pirojektiin misooma lageenii Finfinneerratti hojjetamaa jiru qulqullina lageenii eegsisuu keessatti gahee olaanaa qaba”

Natsaannat Taaddasaatiin

Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Yunivarsitii Finfinneetti, Barsiisaafi Qorataa Saayinsii Naannawaa Pirofeesar Tashoomaa Sooromsaa jedhamaniidha. Hayyuun kun guddina Afaan Oromoo keessattis nama gumaacha olaanaa taasisaa turaniifi jiraniidha. Akkasumas hayyuu cimaa maxxansaalee 200 ol maxxansiisanidha.

Gaafdeebii Kibxata darbe hayyuu kana waliin keessummaa dhimmoota qulqullina lageenii, eegumsa naannawaa, kunuunsa biqilootaa, jijiirama haala qilleensaa, sagantaa Ashaaraa Magariisaafi guddina Afaan Oromoortatti xiyyeffachuu taasifneef akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

**Bariisaa:** Bakka dhalootaa, haala barnootaafi muuxannoo hojii keessan gabaabaatti utuu nuuf ibsitaniif?

**Pirofeesar Tashoomaa:** Godina Shawaa Lixaa, Aanaa Dirree Incinnii, Ganda Daalfoottin dhaladhee guddadhe. Barnoota koo kutaa 1ffa hanga 8ffaatti bakkuma dhaloota koottin baradhe. Barnoota koo sadarkaa 2ffa kutaa 9ffa hanga 12ffaatti ammoo Magaalaa Amboottin baradhe.

Isa booda Yunivarsitii Finfinnee seeneen digrii koo jalqabaa Baayolojiidhaan (Biological Science'n) xumure. Digrii koo 2ffaas Yunivarsitiidhuma Finfinneetti baradheen ‘Ecology’n eebbfame. Digrii koo sadaffaa ammoo Yunivarsitii Veenaa jedhamu kan biyya Ostiryaatti argamutti baradheen ‘Ecology and Environment’n xumure.

Akkuman digrii koo jalqabaa xumureen Godina Arsiitti, Kollejii Barsiisota Asallaatti barsiisummaan mindeeffameen Afaan Oromoo barsiisa ture. Saayinsii uumamaa baradheen Afaan Oromoo barsiisa ture. Waa’een afaanii saayinsii hawaasummaa jalatti kan ramadamu ta’us ani kana cabsee keessa darbeen Afaan Oromoo barsiisa ture. Afaan Oromoo lafa qabsiisu keessatti gumaacha guddaa taasisaan ture ammas taasisaan jira. Kollejichatti ergan Afaan Oromoo waggoota lamaaf barsiisee booda barnoota koo digrii lammaffaa barachuuf Yunivarsitii Finfinnee scene.

Oggaan barnoota koo digrii lammaffaa barachaa turetti yerookoo aarsaa godheen kitaabota barnootaa Afaan Oromoo qopheessuurratti hirmaachaan ture. Digrii koo lammaffaa xumuree utuun baay’ee hinturiin digrii koo sadaffaa waggoota afurif biyya alaatti baradhee xumureen gara biyyaatti deebi’ee Yunivarsitii Finfinneetti mindeeffame. ALA bara 2004 irraa eegalee hanga ammaatti yunivarsitichuma keessan hojjechaa jira.

**Bariisaa:** Turtii yunivarsitiicha keessatti dabarsitaniin barsiisummaan ala qorannoowwan gara garaa adeemsiftaniifi maxxansiftan yoo jiraatan?

**Pirofeesar Tashoomaa:** Yunivarsitii Finfinneetti Kutaa Barnootaa Saayinsii Naannawaa keessan hojjechaa jira. Kutaan barnootaa kun waa’ee naannawaarratti xiyyeffatee hojjeta. Naannawaan qabiyyeewan guguddaa lama of keessaa qaba. Isaanis Sirna Baayolojikaalawaa (Biological System)fi Sirna Fiizikaalaa (Physical System) jedhamu. Sirnoonni kunneen Ingiliffaan ‘Biological and Physical



Environment) jedhamu. Kutaan barnootaa Saayinsii Naannawaa kun hariroo sirnoota lamaan gidduu jiru qorata.

Ani hanga ammaatti maxxansaalee 200 ol maxxansiiseera. Maxxansaaleen kunneen jornaalota sadarkaa addunyaatti beekaman kanneen akka ‘Nature’fi biroorratti maxxansifierra. Akka kutaa Barnootaa Saayinsii Naannawaattis pirojektota ija nama seenan guguddoo hojjenneera.

Fakkeenyaaaf Pirojekti Misooma Lageenii fi Qarqara Lageen Finfinnee (Addis Ababa Rivers and Rivers Sides Development Project) kan yeroo ammaa Paarkii Michummaa (Friendship Park) kaasee hanga Afincoo Barritti hojjetamaa jiru kutaa barnoota keenyatu qorate. Pirojekti ammoo anatu hoggane.

Pirojekti hojirra utuu hinoolin dura qarqarri lagaa Paarkii Michummaatii hanga Afincoo Barritti ture yeroo ammaa maal akka fakkaatu ilaaluun ni danda’ama. Pirojekti qulqullina lageen Magaalaa Finfinnee eegsisuuf misoomsuurratti xiyyeffata. Lageen balfawwan dhangala’oofi jajjaboodhaan faalamu. Balfawwan dhangala’oon keessumaa warshaaleefi hospitalota keessaan bahan lageen daran xureessu. Faalamuun lageenii ammoo qulqullina naannawaarrattis ta’e fayyaa namaafi bineeldotaarratti miidhaa fida.

Qoranno kutaan barnootaa keenya lageen Finfinneerratti adeemsiseen magaalattiin lageen 76 qabdi. Lageen kunneen faffaca’ani kan argaman ta’us balfawwan dhangala’oofi jajjaboo guuranii Aqaqqiiratti walarganii gara Laga Abbaa Saamu’el seenu. Lagi Abbaa Saamu’el ammoo gara Laga Awaashitti yaa’aa. Pirojekti misooma lageenii fi qarqara lageenii Finfinneerratti hojjeneefi yeroo ammaa hojirra oolaa jiru balfawwan dhangala’oon gara lageeniitti akka hindhangalaaneefi balfawwan jajjaboonis gara lageeniitti akka hingatamne

taasisuun qulqullina lageen magaalatti eegsisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Lammileen magaalattiis ta’e biyyattii naannawa qulqulluu ta’e keessa jiraachuu qabu. Kun imaaammata seeraan taa’eedha. Pirojektiis imaammaticha dhugoomsuurratti xiyyeffatee hojirra oolaa jira. Qoranno nuti lageenii fi qarqara lageen Finfinneerratti taasifnee ture akkuma mootummaan jijiiramaa kun dhufeen karaa Ministira Muummee Doktar Abiyyi Ahmadiifi Kantibaa duraanii Magaalaa Finfinnee Injinjar Taakkala Uumaatiin hojirra ooluu jalqabe.

Bu’aan qoranno pirojektihaa maal akka fakkaatu qabatamaan ijaan argaa jirra. Yunivarsitii Finfinneetti kutaan barnootaa Saayinsii Naannawaa haala balfawwan jajjaboofti kanneen biroon ittiin dhabamsiifamanirrattis pirojektota gara garaa hojjeteera. Pirojektonni nuti hojjenne irra jireessi qulqullina naannawaan eegsisuurratti xiyyeffatu.

**Bariisaa:** Qulqullina lageenii fi naannawaa eegsisuun walqabatee muuxannoo gaarii biyyoota biroorraa qoeddattan yoo jiraate?

**Pirofeesar Tashoomaa:** Qulqullina lageenii walqabatee muuxannoo gara biyyoota Awurooppaafi Chaayinaatti imallee muuxannoowwan gaggarii isaan qaban qoeddanneera. Biyyoonni guddatan qulqullina lageenii isaanii mirkaneessaniiru. Qulqullina lageensaani eegsisuurratti seera qabu; seericas qabatamaan hojirra oolchaniiru. Kana jechuun Itoophiyaan seera qulqullina lageenii eegsisu hinqabdu jechuu utuu hintaane, rakkoon kan jiru seericha hojirra oolchurratti.

Biyyoota guddatanitti qulqullinni lageen daangaa ce’aniif gara biyyoota birootti yaa’ani ni eegamu. Kanaafis seeri ni jira. Biyyoota guddatanitti lagni biyya tokko keessaa gara biyya biraatti utuu hince’in sadarkaan

-Pirofeesar Tashoomaa Sooromsaa

qulqullinaa taa’e guutuu qaba. Biyyootni guddatan laga faalame akka walitti gad hinlakkifneef waliigaltee walii mallatteessan qabu. Lageen daangaa ce’aniif gara biyyoota birootti yaa’an ulaagaa qulqullinaa taa’e guutuu qabu.

Muuxanno gaariin kun lageen biyya keenya kanneen daangaa ce’aniif gara biyyoota birootti yaa’aniif kan daangaa ce’aniif hindeemne kanneen akka lageen Finfinnee biratti babal’achuu qaba. Faallaa kanaa lageen Finfinnee keessa jiran hundi garuu balfawwan dhangala’oo mana fincaanifi industiriwwan gara garaa keessa ba’aniif faalamanii argamu. Qoranno Baankiin Addunyaa adeemsiseen lageen Finfinnee sadarkaa daran xuraa’aa, tasumaa fayyaduu hindandeenyerra jiru.

Lageen Finfinnee balfawwan dhangala’oofi jajjaboon faalaman kunneen Aqaqqiiratti walarganii gara Laga Abbaa Saamu’el ammoo gara Laga Awaashitti yaa’un laga Awaash faalaa jira. Faalamni lageenii kun fayyaa namaarrattis ta’e beelladootaarratti miidhaa guddaa qaqqabsiisa jira. Kutaan barnootaa keenya miidhaa sababa faalama lageenii kunneeniiitii namootaafi beelladootarra ga’aa jiru qoratee maxxansiisee agarsiiseera. Kanaafuu qulqullina lageen Finfinnee eegsisuun walqabatee hojilee hedduutu nu eeggata.

Rakkoon faalama lageenii kun Finfinnee qofatti utuu hintaane Magaalaa Mojottis bal’inaan mul’ata. Lageen toora Magaalaa Mojotti argaman hundi balfawwan dhangala’oo warshaalee gara garaa keessa ba’aniif faalamanii mul’atu. Lageen toora Magaalaa Mojoo jiran keessumaa balfa dhangala’aa Warshaa Gogaa keessa ba’uifi warshaalee biroo keessa ba’aniif daran faalamaa jiru. Faalamni lageenii kun ammoo fayyaa namootaafi beelladootaarratti miidhaa guddaa qaqqabsiisa waan jiruuf qulqullina lageenii eegsisuun hojii xiyyeffanna olaanaa argachuu qabuudha. Rakkoo gama kanaan mul’achaa jiru qonnaan bulaaniyyuu sirriitti ibsuu danda’aa.

Yunivarsitii Finfinneetti Kutaan barnootaa Saayinsii Naannawaa pirojekti qulqullina lageen naannawaa Magaalaa Mojoo eegsisuuf gargaaru tokko hojjeteet ture. Pirojekti hojirra oolchuun, seera qulqullina lageenii eegsisuuf bahe eeguufi hubannoo hawaasni qulqullina lageenii eeguurratti qabu gabbisuudhaan rakkoo sababa faalama lageeniitti mul’achaa jiru hiikuun ykn keessaan bahuun ni danda’ama.

**Bariisaa:** Akka waliigalaatti hojiin eegumsaafi kunuunsa naannawaa Itoophiyaan sadarkaa akkamirratti argama?

**Pirofeesar Tashoomaa:** Hojiin Ashaaraa Magariisaa yeroo ammaa biyya keenyatti lubbuu horatee sadarkaa gaariirratti argama. Biqiltuuwan dhaabuufi kunuunsuun hojii hiyyummaa hir’isuu keessaan isa duraati. Biqiltuuwan dhaabuun lafti akka bosonaa’u taasisuun bokkaan gahaan akka jiraatu, margi akka margu, biyyeen akka hindhiqamne, maddeen bishaanii akka gabbataniifi haalli qilleensaa akka hinjijirramne taasisuun keessatti gahee olaanaa qaba.

## KEESSUMMAA BARIISAA

**"Pirojektiin misooma lageenif..."**

Margi gahaan jiraanaan bineensonni marga dheedan baay'atanii walhoru. Bineensonni foon nyaatan ammoo bineensota marga dheedan irratti hirkatani waan jiranif sirnichi madaalasaa eeggatee waliin akka deemu taasisa.

Qabeenya bosonaa eeguufi kunuunsuu jirenya dhala namaafis ta'e beneeldotaaf daran murteessaadha. Qabeenyi bosonaa jiraachuun omisha qonnaa guddisuun wabii nyaata mirkaneessuufi dinagdee hawaasaas ta'e biyyaa guddisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Biyyooni guddatan dinagdee magariisa erga labsatani bubbulaniru. Biyya keenyatti biqiltuu dhaabuun hojii guddaa ittifufinsaan raawwachuu qabnuudha. Hojin Ashaaraa Magariisaas ittifufinsaan hojjetamu qaba. Jirenya keenyas ta'e bineeldotaaf ittifufisiisufi biqiltuu dhaabuufi kunuunsuu daran murteessaadha. Kanaafuu pirojektiin Ashaaraa Magariisaas kun cimee ittifufu qaba.

Rakkoon jijjirama qilleensaa sadarkaa addunyaattis ta'e biyya keenyatti ajandaa guddaa ta'ee jira. Rakkoon kun kan dhufe bosonni garmalee manca'uun kaarbondaayoksaayidiin atimoosfeerii keessatti dabaluusaatiini. Kaarboondaayoksaayidiin atimoosfarii keessatti dabaluun ammoo jijjiiramni haala qilleensaa akka mudatu, ho'inni akka dabaluufi hanqinni roobaa akka mudatu taasisuun miidhaa cimaaf nu saaxilaa jira.

Biqiloota dhaabuu, eeguufi kunuunsuu jijjirama haala qilleensaa eegu keessatti gahee olaanaa qaba. Biqiloomni kaarbondaayoksaayidiin, ifa aduufi bishaan lafa keessatti fayyadamuun baalasaanii keessatti nyaata qopheeffatu. Sirni biqiloomni ittiin nyaata qopheeffatan kun footoseentesis (Photosynthesis') jedhama.

Sirnakanan biqiloonikaarbondaayoksaayidiin qilleensa keessaa fudhatanii oksijiini nuu kenu. Oksijiini ammoo jirenya dhala namaafis ta'e bineeldotaaf miteessaadha. Madaala lubbuqabeyyii gidduu jiru eeguufi biqiloota dhaabuu, eeguufi kunuunsuu dhimma murteessaadha. Biqiloota eeguufi kunuunsuu madaallii uumamaa eegu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf hojii Ashaaraa Magariisaas kun gara fuulduraattis ogeessotaan deggaramee cimee ittifufu qaba.

**Bariisaa: Saayinsii Naannawaa barattanii Afaan Oromoo barsiisuufi kitaabota barnootaa Afaan Oromoo qopheessuurratti akka hirmaattaniif maaltu isin kakaase?**

**Pirofeesar Tashoomaa:** Afaan Oromoo barsiisuufi kitaabota barnootaa Afaan Oromoo qopheessuurratti akkan hirmaadhuu k'umsa kan naa ta'e eenyummaadha. Afaan Oromoo jechuun eenyummaa kooti, eenyummaa keenya. Kufaatii Dargirraa kaasee qbee facaasuu, Afaan Oromoo barsiisuufi kitaabota barnootaa Afaan Oromoo qopheessuurratti bal'inaan hirmaachaan ture; ammas hirmaachaan jira. Afaan Oromoortatti hojjechuu dhiiga koo keessa waan seeneefi eenyummaa koo waan ta'eef afaanicha barsiisuufi, guddisuufi babal'isuuf hojii jalqabe ittan fufa.

Ani hojii eegumsa naannawaa qofarratti utuu hintaane hojii Afaan Oromoortatti bal'inaan hojjechaan jira. Hojii nuti Afaan Oromoortatti hojjechaa tureefi jiruun afaanicha yeroo ammaa dhaloota qbee horatee akkasumas afaanota addunyaa dijitala'anittii dabalamii lafa qabateera. ALA bara 1990moota keessa

zeroo kitaabota barnootaa Afaan Oromoo qopheessaa turre Gaazexaa Bariisaa akka wabiitti itti fayyadamaa turre. Sirboonni Afaan Oromoos hojii kanarratti baay'ee nu gargaaraniru.

**Bariisaa: Erga waa'ee Gaazexaa Bariisaa kaastanii gumaachi gaazexichi guddina Afaan Oromoo keessatti taasise nuuf ibsama mee?**

**Pirofeesar Tashoomaa:** Ani warra Afaan Oromoo lafaa kaasee kitaaba barnootaa Afaan Oromoo qopheessan keessaa isa tokko. Yeroo kitaabota barnootaa Afaan Oromoo qopheessaa turre Gaazexaa Bariisaafi sirboota Afaan Oromoora jechoota hedduu guurrannee ittifayyadmeerra. Gaazexaan Bariisaa guddina Afaan Oromoo gara fuulduraatti tarkaanfachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Gaazexichi ammas taanaan guddina afaanifi aadaa Oromoo fuulduraatti tarkaanfachiisuu gahee guddaa irraa eegamu bahachuu kana caalaa cimee hojjechuu qaba.

Afaan Oromoo lukaan akka lafa ejetu kan taasise keessaa tokko Gaazexaa Bariisati. Wellistoonni Oromoos gama kanaan gumaacha guddaa taasisaniru.

'Waldaan Afaanota Afrikaa -3A' ammoo Afaan Oromoo dijitalessuu afaanichi afaanota guguddoo addunyaattis akka dabalamu taasisseera. Carraaqpii cimaa waldichi taasisse Afaan Oromoo bara darberra kaasee afaanota addunyaa 7,000 ol ta'an keessaa afaanota addunyaa dijitala'an 133tti dabalamere. Anis walittiqaabaa boordii waldichaa ta'een tajaajila jira.

**Bariisaa: Kaayyo hundeffama Waldaa Afaanota Afrikaa-3A, hojilee waldichi hanga ammaatti raawwateefi gara fuulduraatti raawwachuu karoorfatee hojjechaa jiru gabaabsitanii utuu nuuf ibsitani?**

**Pirofeesar Tashoomaa:** Waldichi ALA bara 2022 huda'e. Kaayyo hundeffama waldichaa inni guddaa Afaan Oromoo dijitalessuudha. Dhaabbanni 'Google' ALA bara Ebla 2006 maashiinii hiika 'Google' (Google Translation) uume. Afaanoni guddatan kanneen akka Afaan Ingilizii, Jarmanii, Ispanish, Arabaa, Chaayinaafaan baatii lama keessatti afaansanii dijitalessan afaan hiika 'Google' ta'anii akka tajaajilan taasisan.

Ijoolleen Oromoo biyyoota alaa jiraatan Afaan Oromoo dijitalessuuf yeroo gara garaa yaalaa turanis utuu itti himilkaa'in hafaniiru. Isa booda dargaggooni Oromoo ogeessa 'ICT' ta'aniifi biyya keessa jiraatn walgurmeeessanii Afaan Oromoo dijitalessuuf waggoota saddeettan darbaniif yaalii cimaa taasisaa turan. Isaa keessaa tokko Dargaggo Abdiisaan Baancaa kan yeroo ammaa hojii adeemsisaa waldichaa ta'ee hojjechaa jiruudha.

Akkuma waldicha hundeessineen namoota Afaan Oromoo guddisuufi dijitalessuurratti hamilee qaban gurmeeessinee gara hojitti seenne. Waldichi hunda'ee utuu hinturin qabiyeye jechoota Afaan Oromoo hiika 'Google' tti galchuudhaan Afaan Oromoo akka dijitala'u taasisseera. Yeroo ammaa afaanota Itoophiyaa keessaa jiran keessaa afaanoni afur (Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa, Afaan Tigreefi Afaan Somaalee) kan dijitala'an yoo ta'u, Afaan Affaar ammoo dijitala'uuf daandiira jira. Waldichis afaanota shanan kunneenirratti hojjechaa jira.

Afaanoni Itoophiyaa dijitala'anis qabiyeye barbaachisoo waan hinguutanneef dokimantii



tokko qulqullinaan hiikuurratti hanqina qabu. Waldichi rakkoo gama kanaan Afaan Oromoortatti mul'atu furuuf yuniversitoota 19 irraa hayyoota Afaan Oromoofi Ingiliffa walittiqaabuudhaan qabiyeye jechoota afaanicha hiika 'Google' tti akka galchan taasisaa jira. Jechoota fayyaa, seerafi teknolojiis gara hiika 'Google' tti akka galanif barsiisonni kollejjota 13 Oromiyaa keessa jiran keessa barsiisan hundi (600) ol hojii jechoota Afaan Oromoo gara 'Google' tti galchuuratti akka hirmaatan taasifeerra.

Biiroon Barnoota Oromiyaa dhimma Afaan Oromoo dijitalessuu kanarratti waldicha waliin waliigaltee mallatteesee bal'inaan ittiharratti hirmaachaa jira. Waldichi ogeessota naanno Oromiyaifi Oromiyaadhaan ala jiranis hojicharratti bal'inaan akka hirmaatan taasisaa jirra. Hojin Afaan Oromoo dijitalessuu yeroo ammaa lafa qabateera. Hojicha dhiyeenyatti manii yaadame biraan ni geenya.

**Bariisaa: Afaan Oromoo dijitalessuu guddina afaanicha keessatti faayidaa akkamii qaba?**

**Pirofeesar Tashoomaa:** Afaanota addunyaa 7,000 ol jiran keessaa Afaan Oromoo dabalatee kan dijitala'an afaanota 133. Kana jechuun Afaan Oromoo afaanota addunyaa dijitala'an 132tti hiikamuun tajaajila kenna jechuudha. Afaan Oromoo dijitala'uun afaan, aadaafi eenyummaa sabichaa guddisuufi addunyaattis beeksuu keessattilee gahee olaanaa qaba. Waa'een Sirna Gadaa, Irreechaa, aadaafi iddoowan hawwata turistiifi sirboonni Oromoo gara hiika 'Google' tti galchuun afaan, aadaafi eenyummaa Oromoo addunyaattis beeksuu keessatti gahee olaanaa qaba.

**Bariisaa: Hojilee waldichi raawwachaa jiru caalaatti milkeessuuf eenyurraa maaltu eegama?**

**Pirofeesar Tashoomaa:** Hojilee waldichi raawwachaa jiru caalaatti milkeessuuf degarsa ogummaafi dinagdee taasisuun baay'ee barbaachisaadha. Hojii waldichi raawwachaa jiru kan saba bal'ati waan ta'eef hundumtu waldicha deggaruu dirqamsaa bahachuu qaba. Kanaafuu hayyooni ogummaadhaan, abbootiin qabeenya, qaamoleen mootummafi mitmootumma ammoo waldicha dinagdeen deggaruu qabu. Biiroon Barnoota Oromiyaifi waldicha waliin ta'uun hojii Afaan Oromoo dijitalessuu kanarratti hirmaanna guddaa taasisaa jiruuf galateeffamuu qaba.

Hojii waldicha hanga ammaatti raawwateen jechooni Afaan Oromoo miliyoona 1.9 gara hiika 'Google' tti galaniiru. Kun gahaa miti. Jechoota Afaan Oromoo miliyoona 4-5 gara hiika 'Google' tti yoo galchine afaanicha sadarkaa gaariiran geenya.

**Bariisaa: Rakkoo Afaan Oromoo sirnaan qubeesuurratti mul'atu furuuf malli**

furmaataa maali jettanii yaaddu? Duula 'Qubeessuu Challenge' kan Abdiisaa Baancaa karaa fuula 'Facebook' isaa adeemsisaa jiru hoo akkamitti ilaaltu?

**Pirofeesar Tashoomaa:** Duulli 'Qubeessuu Challenge' Abdiisaan karaa 'Facebook' isaa taasisaa jiru waan gaarii ittifufu qabuudha. Duulichi namni Afaan Oromoo utuu itti hinyaadin barreessu akka saalfatu taasisaa jira. Afaan Oromoo sirnaan qubeessuu kan hindandeenye seera Afaan Oromoo ittiin qubeeffamu barachuu qaba. Utuu seera afaanichi ittiin barreeffamu hinbeekin barreessuun seera afaanicha cabsuu waan ta'eef kun sirnaan ittiyadamu qabu.

Namni seera Afaan Oromoo eegee barreessuu hindandeenye barachuu qaba. Dhimma kanarratti Biiroon Barnoota Oromiyaa duula qubeessuu jalqabeera. Duulli kun gara fuulduraattis cimee ittifufu qaba. Anis gama kootiin duula kana jajjabeessaafi irratti hirmaachaan jira.

**Bariisaa: Rakkoo waaltina Afaan Oromo walqbabatee mul'atu furuuf ammoo maaltu furmaata ta'a?**

**Pirofeesar Tashoomaa:** Afaan Oromoo waaltessuuf mootummaan Akkaadaamii Afaanii hundeessuu qaba. Akka Heeronni Federaalaifi naanno Oromiyaa ibsanitti, Afaan Oromoo Qabee Laatiiniit barreeffama. Tartiibni qabee Afaan Oromoo A-Zti kan jiruudha. Qubeen Afaan Oromoo qabee dachaa dabalatee lakkofsaan 33dha. Seera Afaan kanaa cabsuu waan ta'eef yakka seeraan nama gaafachiisudha.

Hanqina afaanichi qabu ammoo qorannoortti hundoofnee furaa deemuu qabna. Kun hojii Akkaadaamiin Afaanii hojjetuudha waan ta'eef Akkaadaamiin Afaan Oromoo hundaa'uu qaba. Inistiitiyuutin Qorannoofi Qo'anno Oromoos dhimma kanarratti xiyyeffatee hojjechuu qaba.

**Bariisaa: Akka waliigalaatti guddinni Afaan Oromoo sadarkaa akkamii jira?**

**Pirofeesar Tashoomaa:** Afaan Oromoo sadarkaa duubatti deebi'uu hindandeenyerra gaheera. Afaan Oromoo boolla keessaa bahee afaan barnootaa, hojifi saayinsifi teknolojiitti akka ta'uuf kan sababa ta'e kufatii Dargiti. Afaan Oromoo yeroo ammaa dijitala'ee afaan addunyaa ta'eera. Ammaan booda Afaan Oromoo toora afaanota addunyaa guddataniitti ol harkisuuf hojenna.

Oolee bulee Afaan Oromoo Afaan Afrikaa ta'uun danda'a. Qubeen Afaan Oromoo Laatiiniit ta'uun ammoo hundumtu afaanicha akka baratan, dubbisaniifi hubataniif gargaara. Namni Ingiliffa beku kamuu barreeffama Afaan Oromoo dubbisuuf hinrakkatu.

**Bariisaa: Dhumarratti yaadni hinkaane yoo jiraate ykn dhaamsa yoo qabaattan?**

**Pirofeesar Tashoomaa:** Dhimmooni irratti haasofne hundinuu dhimma dhuunfaa utuu hintaane ajandaa sabaafi biyyaati. Gaazexaan Bariisaas dhimmoota kunneen ajandaa godhatee irratti hojjechaa jira.

Qaamoleen Waldaa Afaanota Afrikaa-3A deggeraa jiran keessumaa Biiroon Barnoota Oromiyaaf galata guddaa qabna. Qaamolee biiroonis deggarsa barbaachisu taasisuun hojii waldichi raawwachaa jiru milkeessuuf keesatti gahee irra eegamu bahachuu qabu.

# Abbaa Sa'aa

## "Qonni magaalaa wabii midhaan nyaataa mirkaneessuurra darbee madda galii ta'ee jira"

Waasihun Takileetin

Misoomni qonna magaalaa erga babal'achuu eegalee as jijjiramni gama dinagdeefi wabii midhaan nyaataatiin of danda'uu yerooraa yerootti gabbataa dachaan dabala jira.

Kana milkeessuufis Qorannoona Qonna Itoophiyaa qoranno gara garaa gaggeessaa ture keessatti hudhaalee damichaa adda baasuun fala omishaafi omishtummaan ittiguddachuu danda'u akkam isa jedhuu deebii kenneera.

Bu'uruma qorannoofi qo'anno gaggeeffame ejjennoo godhaachuu hojii qonna magaalaa babal'ataa jiruun hawaasni magaalaa fayyadamaa ta'aa jira jedhu Daarektarri Ittaanaan Inistiitiytuutii Qorannoona Itoophiyaa Doktar Dirribaa Galatii.

"Misoomni qonna magaalaa kanaan dura xiyyeffannoo bal'aa kan hinarganneedha" jedhanii, keessumaa hojii waggoota lamaa as hojjetameen jijjiramni argamaa jiru gama tokkoon hawaasni wabii midhaan nyaataatiin akka of danda'u, gama biroon immoo dinagdeedhaan akka of ijaaru gochaa jira.

Inistiitiytichis dhimmi qonna magaalaa dhimma ijoo hawaasaaf murteessaa ta'e, hiyyummaafi eeggattummaa hir'isuu keessatti shoora olaanaa kan taphatu waan ta'eef toorri xiyyeffannoo gama kanaan kennamaa jiru akka cimu ta'eera.

Jalqabarratti qonni magaalaa yeroo eegalamu namoota baay'eef gaaffii guddaa ture. Magaalaatti maaltu hojjetama yaada jedhuun kanneen sochicha gatii dhabsiisuu yaalan jiru.

Duubarra garuu bu'aa galmaa'e hordofuu rakkooleen ilaachaa turan hir'achaa jiraachuu kaasaniiru. Bu'aan qorannoona Qonna Itoophiyaa galmaa'aa jirus sochicha daran kan jajjabeessu ta'u kaasaniiru. Qonni magaalaa babal'achuu rakkoo hojidhabdummaa hudhaa dargaggootaa ta'e fururra darbee madda galii wiirtuu dinagdee ta'aa jirachuu eeraniru.

Akka ibsasaaniitti; qonni magaalaa hojilee misooma qonna lafa xixiqqorrtti omishalee gara garaa misoomsuufi horsiisa lukkuufi hanqaaquu bu'aa guguddaa argamsiisuu danda'an kan hammatuudha.

Kanaan dura omishaaleen qonnaafii lukkuuleen kanamalees bu'aaleen lukkuufi loonii baadiyyaarrraa kan eegaman yoo ta'u jiraattonni magaalaa eeggattummaaf akka saaxilaman taasisaa turuus Doktar Dirribaa ni dubbatu.

Haata'u garuu booda kanaatoora xiyyeffannoo qonna magaalaaaf kennameen magaalaaattis misooma qonnaa gara garaa babal'isuun fayyadamummaa dargaggootaa jiraattotaa jijjiiruun danda'ameera. Misoomichi wabii midhaan nyaataa jiraattotaa mirkaneessun ala hojidhabeyyiif carraa hojifi madda galii dinagdeensaanii itti cimu ta'ee tajaajila jira.

Misoomichi daraan jajjabeeffamuun kan maluufi teknolojojin deeggaramuu akka



Doktar Dirribaa Galatii



Doktar Tolasaan Alamuun

### *Dameen qonna magaalaa qaala'insa gabaa tasgabbeessuu, rakkoo dhiyeessii mudachuu danda'u furuufi baasiin hinmalle baraaru keessatti bakka olaanaa qaba*

qabuuf Inistiitiyuutiiin Qorannoona Qonna Itoophiyaa deeggarsa ogummaa taasisaa jira. Kunis qorannoofi qo'anno gara garaa taasisun akkaataa misoomichi itti daran cimuufi fayyadummaan lammiilee ittimirkanaa'u, kanamalees magaalota kutaa biyyattiit argaman mara keessatti akka babal'atuuf hojii guguddaa hojjechaa jira.

Dameen qonna magaalaa qaala'insa gabaa tasgabbeessuu, rakkoo dhiyeessii mudachuu danda'u furuufi baasiin hinmalle baraaru keessatti bakka olaanaa qaba. Kanamalees carraa hojii uumuun ala aadaan gorduba ofiitti waamara argachuu akka gabbataa deemu muuxannoon kunis akka babal'atu taasisaa jira.

Haata'uutii ammallee rakkoon ilaachaa misooma qonna magaalaa kana sakaalaajiru hedduu ta'u qorannoon mirkaneessuu himaniiru. Bakkeewwan horsiisni lukkuu itti gaggeeffamutti namoonni bobbaan lukkuu faalama fidaa jira, sagaleenis nujeeqaa jira jedhan akka jiranillee nihiim.

Kanamalees magala keessatti misooma qonnaa bal'inaan gaggeessuuf rakkoon lafaa ykn bakka hojii akka jirus qorannaan mirkanaa'eera. Hojiiwan qonna magaalaa loon furdisuun dhiyeessii fooniirratti hojjechuun, horii aannanii misoomsuu aannan gabaaaf dhiyeessuu, dhiyeessii fuduraafi muduraafallee dabalaan kan hammatu yoo ta'u, hirkattummaa dhaloota ol adeemaarra jiru kan furu ta'a jira.

Misoomi qonna magaalaa callisaan omishatti kan galu waan hintaaneef gama dhiyeessiilee bu'uuraa akka ibsaa,bishaan,

Doktar Dirribaa Galatii

bakka hojifi teknolojii ammayyaa kan hammatuudha jedhu.

Omishaafi omishtummaan qonna magaalaa dachaan akka dabaluuf hudhaalee jiran qorannaan adda baasuudha jedhanii omishtoonni ijaarsa dandeettii, deeggarsa faayinaansii, ittifayyadama teknolojii ammayyaa babal'isuun murteessitoota iloodha.

Beeladaafi bu'aalee beeladaa qofa kuduraafi muduraa misoomsuu qofti gahaa miti. Fayyaasaanii eeguurrattis ogeeyyonni gahumsa qaban yoo hinhmaanne hudhaan damichaa furamu, omishaafi omishtummaanis dachaan dabaluu akka hindandeneye kaasaniiru.

Hudhaaleen ijoo qoranno qonna Itoophiyaa adda bahan kunniir irratti yoo hojjetaman qaalainsa gatii gabaa tasgabbeessuu keessatillee shoora guddaa kan taphatuudha.

Sanyiin filatamaa beeladaafi bu'asaanii dachaan dabaluu danda'an babal'isuun murteessaadha. Sababnisas kun ta'u dhabnaan yeroo hunda omishaalee baadiyyaarrraa dhufan qofarratti akka hirkannu nutaasia. Kanamalees sochiin misooma qonna magalaas ni harkifata.

Qorannoona gama kanaan hojjetame misooma qonna magalaarrraa bu'aan wabii midhaan nyaataatiin of danda'uu hanga dinagdeen of cimsuutti kan geessisu ta'ee akka galtee guddatti tajaajila.

Misoomni dammaafi qurxummii dabalaan magaalatti babal'achuu rakkoo dhiyeessii mudachuu danda'u furuufi keessatti shoora guddaa kan taphatan ta'u qorannichaan mirkaneessuu kan eeran Doktar Tolasaan, hirmaanuaa dhaabbata tokkon qofa kan milkaa'akka hintaanes kaasu.

Kana waan ta'eef hudhaaleen bu'uuraalee misoomaan walqabataniii ka'an furuun itti fayyadama teknolojii babal'isuun omishtoonnis fayyadamoo akka ta'aniif dhaabbileen dhimmisaasisaan ilaaallatu marti walitti dhufanii hojjechuun malu.

Deeggarsi faayinansii, sanyiin filatamaafii bakki hojisi gama kanaan taasifamu cimu qaba jedhanii yoo kun hintaane ammallee omisha alarrraa galu jechuunis kutaalee biyyattiit gara garaarrraa gara giddugalaatti dhufu qofarratti akka hirkannu taasisu.

Kun immoo rakkoon dhiyeessii akka mudatu, qaalainsi gatii gabaa akka hammaatu, omishtoonniifii bittooni kallattiin akka walhinagarre elseerummaan faddaaltotaa akka babal'atu taasisa.

Hawaasni humna ittiin dhiyeessiwwan kanneen guuttatu dhabuu waan danda'uuf rakkoo dinagdee gamanumaa mudachuu malu furuufi hudhaalee Inistiitiytuutii Qorannoona Qonnaa Itoophiyaa adda bahan kanneenirratti xiyyeffataniii hojjechuun misooma qonna magaalaa yoo babal'isan wabii midhaan nyaataan of danda'uurra darbanii dinagdeen cimanii argamuuf wanti nama daangessu hinjiru.

# AADAAFI AARTII

## Qophii sirna walharkaa fuudhiinsa baallii 75ffaa Gadaa Gujii


Saamraawiit Girmaatiin

Ragaaleen seenaa akka mul'isanitti Sirmi Gadaa Dhaloota Kiristoos dura bara 6480 eegalame. Gadaan sirna ittiin bulmaataa dimokraatawaa Oromitichaa yayyaba shan (Yayyaba Goloo Goboo, Boruu Biloo, Mannee Leeqaa Jaarsoo, Galle Annoofi Baabboo Galleessa) qabu yoo ta'u, Gadaa kan uumees isaami jedhamee amanama.

Oromoonegaa sirna kanaan jiruusaa guyyuu gaggeeffachaa dhimmoota siyaasaafi hawaas dinagdeesaa ittiin raawwatachaa jaarraa hedduuf jiraateera. Sirna kana balleessuuf sirnoonni dhufaa darban baay'ee irratti hojjetanis hundee jabaarratti hundeeffamuusaati laafee turullee citee hinbadne.

Sirni Gadaa caasaa mataafi miseensota hoggansaa sirnicha hojiitti hiikan kan mataasaa of keessaa qaba. Gadaan guutuu jedhamu Gadaa, Hayyuu, Yuuba, Waabura, Faga, Jaldhaabaafi Torbii akka miseensootasaatti of jalatti qabachuu mala. Abbaan Gadaa tokko Abbaa Gadaa ta'uuf sadarkaawwan Gadaa Qarreerra kaasee, Dabbalee, Kuusa, Raabaafi Doorii keessa darbuun dirqama.

Sirni kun keessumaa jaarraawwan darban keessa Booranaafi Gujiitti osoo hinbadii dhalootaa dhalootatti ce'uun danda'eera. Gujiitti Guraandhala 13 bara 2016 Abbaan Gadaa 75ffaan baallii fudhachuuf qophii taasisaa jiru. Ardaa jilaatti imalanii waan irraa eegamu raawwachaa jiru. Abbaan Gadaa 74ffaa Abbaa Gadaa Jiloo Maandhoofi jillisaanii akkasuma ardaatti imalanii baalliisaanii Gadaa ittaanuttii



kennuuf waan irraa eegamu ba'ataa jiru. Gadaan Gujii baalliwan shan Muudana, Halchiisa, Dhallanaa, Harmufaafi Roobalee kan jedhaman yoo ta'u, wayita ammaa baallii kennuuf qophii taasisaa jiru. Gadaa kan kennu Harmuufaa yoo ta'u, Roobaleen immoo kan fudhatuudha.

Abbaa Gadaa Jiloo Maandhoo qophii sirna walharkaa fuudhiinsa kana ilaachisuun yaada kennaniin sirni Gadaa walharkaa fuudhuu kun marsaadhumasaa eeggatee kan deemu ta'uufi lollifi mufiin sirnicha keessatti akka bakka hinqabne dubbatu. Kana keessatti garuu sirna walqeefu waljajuu qadadduufi walaannaa kan jiru yoo ta'u, qadadduufi jechuun garee waltumsan yoo ta'an, walaannaa immoo garee walqeefan ta'uun ibsu. Warri walaannaa "bara Gadaa keetii rakkoo kanatujira, barrigadaakeeyakkaanyknrakkoon guutamaadha, jechuun Abbaa Gadaa baallii harka jiru mormu. Kunneen walii faallaa yoo ta'an fakkeenyaf warra wagga sadheet dura

Harmuufaaf baallii kenne warra Dhallanaati.

Warri qadadduuf ammoo waan gaarii abbaan Gadaa hojjete himaniifi gorsa barbaachisellee kennujedhu. Isaanwarragosaafilkantokkooti; waliif hiraayyaadhas. Qaamoleen sirna kana keessa jiranis walmiidhuuf osoo hintaane kan waljajabeessuufi onnachiisu ta'uun kaasu.

Akka Abbaa Gadaa Jiloon jedhanitti, sirna kana keessa hammeenyiif walmiidhuun hinjiru, inumaayyuu daran dimokraataawadha; kan Gadaa of harkaa qabu osoo baallii hinkenniin waraanni yoo dhufe "Rakkoo kun olii dhufe malee kiyyaa miti, kanaaf guyyakee eeggadhuu baallii fudhu" jedhee kan baallii harkaa qabu gorsa.

Dubartoonaafi daa'immaniif bakka olaanaa kennuun kan beekamu Sirni Gadaa keessumaa ijoolleen sadarkaa sirnicha keessa darbuun akkaataa jiruufi jireenyaa akka shaakalan akka taasisus ni eeru.

Sirna kana keessatti namni Abbaa Gadaa


ta'u nama kabajamaa, ba'aafi gala dubbii kan beeku, kan beekumsaafi sansakaa qabu ta'uun akka irra jiraatu kan himan ogeessi Aadaa Obbo Duubee Adoolaa, qajeelaafi qulquullu ta'uun akka irra jiraatu himu.

Akkaataan dubbiisaas nama amansiisuun danda'uufi sagalee ta'uun qabu ta'uufi hawaasa biratti fudhamummaa kan argate ta'uun akka irra jiru himu. Kana malees maatii qabaachuun dirqama; sababnisaa nama maatii qabuufi bulchuu danda'utu biyyallee bulcha jedhamee waan yaadamuu ta'uun ibsu.

"Dhaabbiisaas kan nama biratti fudhatama qabu, naamusa gaarii kan qabu, kan nama ajjeesee hinbeekne, kan bineensallee ajjeesee hinbeekne, kan afan hincabaqne, kan haasaa danda'u ilaalanii torbii keessa abbaa Murtii godhatten. Gaafa abbaa murtii godhatten kuusa keessa turee gara

Gara fuula 13tti

## Mee isaan haa yaadannu



Gaazexeessaafi Barreessa Tamasgeen Gammadaa jedhama. Akka moggaasa yeroo sanaatti kutaa Biyya Wallaggaa, magaalaa Naqamteetti, abbaasaa, Abbaa Wangeelaa Gammadaa Goobanaafi Harmeesaa Aadde Moositee Guutarraa bara 1937 dhalate.

Obbo Tamasgeen yeroo umriinsaa barumsaaf ga'u, achuma magaalaa Naqamtee kan ture, bara sana mana barumsaa Ergamoota Wangeelaa Siwidiin jedhamee beekamutti hamma kutaa 6ffaatti barate.

Barumsasaa kutaa 7ffaafi 8ffaa, dur mana barumsaa sadarkaa lammaaffaa Qadaamaawii Hayilasillaasee jedhamutti barate. Barumsasaa kutaa 9ffaa-12ffaa ammoo, Kollejjii Wangeelaa Bishooftuuti barate.

Barumsasaa olaanaa ammoo Yunivarsitii Qadaamaawii Hayilasillaasee duriitti, Kollejjii Ijaaraa ("Building College") seenee utuu barataa jiruu, akkuma wagga sadaffaa xumureen gidduutti kutee Raadiyonii Waldaa Kiristaanota Lutiranii Addunyaati geggeeffamu, Raadiyonii Bisiraat Wangeel jedhamutti teknishaanummaan mindeeffame.

Utuma haala kanaan hojjechaa jiruu mootummaan Hayilasillaasee Magaalaa Hararirraa kan darbu sagantaa raadiyonii Afan Oromoo jalqabuuf qopheessitoota sagantaa waan isa barbaachiseef, Obbo Tamasgeen Gammadaa, Raadiyonii Bisiraat Wangeelirraa, Obbo Kumaa Eda'ee Ministeera Eegumsa Fayyaarrraa, akkasumas Obbo Huseen Adam Tajaajila

Oduu Itoophiyaa, Magaalaa Finfinneerra, waamicha taasifameefin Onkoloolessa 21 bara 1965 sadii ta'anii sagantaa tamsaasuu akka jalqaban taasise .

Sadii ta'anii seenaa keessatti yeroo jalqabatiif akkuma Afan Oromootiin raadiyonii Harar waggoota lamaaf tajaajilaniin mootummaan Hayilasillaasee kufee yeroo mootummaan Dargii aangoo qabatu raadiyonii Itoophiyaarrraa sagantaa Afan Oromoo Finfinneerra akka darbu murtii dabarseen, Mudde 18 bara 1967 jalqabsiisuuf Tamasgeen Gammadaa

Kumaa Eda'ee raadiyonii Hararirraa, Kiflee Jootee Gammachu ammoo achuma raadiyonii Itoophiyaa, kutaa oduu keessa walitti fiduudhaan, sadii ta'anii sagantaa Afan Oromoo dabarsuu jalqaban.

Yeroo sagantaa kana jalqaban Kiflee Jootee hoogganaa kutaa sagantaa Qophii Afan Oromoo ture.

Ani barreessaan seenaa kanaa raadiyonii Itoophiyaa, qophii Afan Oromoo Magalaa Finfinneerra darbutti yeroof gargaaraa qopheessaa sagantaa ("freelance") ta'ee

kanan makame bara 1969 iddoon barsiisuut kuta biyya Wallaggaa, Konyaa Jimmaa Arjoo, Aanaa Leeqaa Dullachaa, mana barumsaa sadarkaa 1ffaafi 2ffaa giddugaleessa Baandiraarraa Finfinnee boqonnaaf dhufee, yeroon Tamasgeenfaa dubbisuuf buufata raadiyonii Itoophiyaa, Finfinnee, Ganda Abuna Pheexiroos deemetti ture.

Obbo Tamasgeenis; "Ati maaliif torbanitti sagantaa tokko qabattee mindeessa firilaansiin nun gargaartu? Nuti sadii qofa taanee sagantaa ganamaafi galgalatiin sa'atii tokko, tokko hojjechuun waan nutti ulfaateef nu gargaarta" naan jennaan itti makame.

Tamasgeen raadiyonii Itoophiyaa, qophii Afan Oromoo Finfinneerra darbu keessa wagga lamaaf hojjeteetee bara 1969 ji'a Hagayyaa raadiyonii Hararitti deebee hogganummaan akka hojjetu yeroo lammataaf ergamee, wagga tokko tajaajile.

Gaazexeessaafi Barreessa Tamasgeen, bara 1972-1983 Finfinnee, Tajaajila Oduu Itoophiyaa, bara 1984-1985 Ministeera Beeksisaatti qajeelcha gulaalaa obbaruu Itoophiyaa, yookiin qajeelcha "Saansuurii" jedhamee beekamu keessa hojjete.

Bara 1985-1988tti Biiroo beeksisa Oromiyaa keessas tajaajiluudhaan, bara 1988 soorama ba'ee, dhukkuba onneetiin qabamee utuu Hospitaala Xuqr Anbassaatti waldaanamuutu bara 1999 Adoolessa 13

Gara fuula 13tti

# Qarreefi Qeerroo

## “Dargaggeessi hojii hinqabne, nageenya eegsisuuf hamilee hinqabaatu”

- Birhaanuu Baqqalaa

### Bayyanaa Ibraahimii

Liigiin Dargaggoota Ergama Nageenyaafi Badhaadhina Itoophiyaa kan hundaa'e bara 2011 yoo ta'u, kunis heera keeyata 57 bu'uura godhachuu gurmii dargaggoota isa guddaa akka biyyaatti hundaa'eedha.

Biyya keenyatti nageenyi waaraa akka uumamuufi tasgabbiin itti fufinsa qabu akka jiraatu taasisuun, misoomni amansiisaan hirmaannaa cimaa dargaggootaatiin utubame biyyattii keessatti akka mirkanaa'u dandeessisuun, dargaggoonti biyyattii hojilee misoomaa biyyattii keessatti gaggeeffaman hundarratti hirmaannaa ho'aa taasisuu qofa osoo hintaane, guddina biyyaa keessatti fayyadamtotta sadarkaa duraa akka ta'an haala mijataa uumuu immoo kaayyoo hundeefamaa liigichaa keessaa isaan gurguddoodha.

Inisheetiviiwan akka ashaaraa magariisaafi hojiiwan tola ooltummaa biyyattii keessatti adeemsifamaa jiran daran cimanii akka itti fufaniifi kana keessatti immoo hirmaannan dargaggoottarraa eegamu akka cimu qofaa osoo hintaane, kan dargaggootaan hogganamu akka ta'uuf liigichi xiyyeffatee hojjechaa jiraachuu kan himu Pirezaantiin

Liigichaa Dargaggo Birhaanuu Baqqalaa, liigichi erga sochiin ashaaraa magariisa eegealee misesensotasaas sochoosuun hanga ammaatti biqiltoota miiliyoona 30 ta'an dhaabuu dubbata.

Hojin kun immoo hirmaannaa qofaaf osoo hintaane, haala qilleensa naannawaa jijiiruu keessattis shoora olaanaa kan bahatu ta'uusaafi dargaggoonti egereen biyyattii harkasanii jiru immoo hojii kanarratti dammaqinaan akka hirmaatanifi liigichi sochii cimaa taasisaa turuus ni ibsa.

Akka ibsasaatti, hojin tajaajila tola ooltummaatiin hojjatame biqiltuu dhaabuu qofaa osoo hintaane, manneen harkaalleeyyii ijaaruufi maanguddootaa haroomsuun, Raayyaa Ittisa Biyyaatiif (RIB) dhiiga arjoomuuniifi kanneen biroos gurmii dargaggoota kanaan hojjetamaa turaniiru.

Dhaabbilee biyyoota alaa garagaraa jiran waliin waliif barreessuun RIB'f meeshaalee garagaraa gargaarsaan akka argatu taasisuu eeree, liigichi hojiiwan dippilomaasi irrattis bal'inaan hirmaachaa turuufi gama kanaanis biyya Paakistaan irraa meeshaaleen tajaajila gara garaatiif oolan akka argamaniifis shoora olaanaa taphachuusaa kaasu.

Kanumaan walqabatee yeroo waraanni kaaba biyyattiit mudatee ture hanqina meeshaalee wal'aansaa uumamu malan hir'isuuf diyaaspooaan biyyattii kanneen biyyoota garagaraa keessa jiran meeshaalee kanneen arjoomuu akka danda'an haala mijeessuun yeroo rakkotti meeshaaleen wal'aansaa kun walitti qabamanii damee wal'aansaa RIBf akka kennamanifi hojin gama liigichaatiin hojjetamaa ture kan bakka bu'ummaa hin qabne ta'u ibsa.

Dabalataanis, dargaggoota kaadhimamtoota misesensa RIB ta'aniifi giddugala leenjii Bulbulaatti leenjii'aa turaniif Baandii muuziqaa guutuu ta'e qabatanii deemuu hamileensaanii akka cimuufi kutannoodhaan biyyasaaniitiif wareegama barbaachisu akka kanfalaniifis hojii cimaan hojjatamaa turuu kaasa.

Kennaa guddaaniifi hojiin ulfaataa raayya keessatti hojjatamu hamilee loltootaa cimsuufi kakaasuu akka ta'e hubachuu, baandii beekamaa, Baandii Biiftuu Oromiyaa qabachuu giddugala leenjii Bulbulaatti argamuun kaadhimamtoota misesensa RIB leenjisaanii hamileefi xiyyeffannoon xumuranii gara nageenya biyyattii eegsisuutti akka galaniif galaa onnachiiftuu gumaachuusaanis ni hima.

Dargaggoonti hojii filannoo marsaa 6ffaa biyyattii keessatti gaggeeffamerratti bifaa isaan madaaluun akka hirmaatanifi hojin hojjatamaa ture olaanaa ta'u kan himu Dargaggo Birhaanuu, gama kanaanis dargaggoonti kuma 200 ta'an leenjii barbaachisu argataniif adeemsaa filannichaakka taajjabaniifi nageenya buufataalee filannoo akka eegan taasisuudhaan Boordii Filannoo Biyyaaleessaa irraa waraqaan ragaa fi beekamti argachuusaanis ibsa.

Akka ibsasaatti, yeroo ammaa kana immoo xiyyeffanno guddaa liigichi qabatee hojjechaa jiru dargaggoota diinagdeedhaan gahoomsuudha. Dargaggeessi hojii hinqabneefi abdiin hinhoranne nageenya biyyaa eegsisu dhiisee ofisiatiifuu sodaa nageenya ta'u waan danda'uuf, dargaggoonti dinagdeedhaan ga'oomanii abdiin akka horatan taasisuu immoo biyyatti nageenya amansiisa horattee gara badhaadhina hawwamuutti akka ceetuuf murteessaa ta'uunsaa hubatamuudhaan yeroo ammaa xiyyeffanna guddaa gara dargaggoota dinagdeen ga'oomsuutti deebi'eera.

Kana yoo jedhamu garuu cal jedhameetuma maallaqa dargaggoonti raabsuu osoo hintaane, jalqaba dargaggoonti ogummaa hojin umuu irratti leenjii gahaan akka argatan taasisuudhaan sana booda immoo haala isaan maallaqa ka'umsaa hojin ummachiuf isaan gargaaru argachuu danda'an mijeessuutti kan galamu ta'u hima.

Akka fakkeenyatti yemmuu ilaallu immoo gama kanaan naannawa magaalataati dargaggoonti carraa hojin uumuun walqabatee liigichi damee geejjibaa irratti kan xiyyeffate yoo ta'u, taaksiiwan tajaajila geejjibaa kennan kanneen akka 'Taaksiyyee' yeroo ammaa dargaggoonti magaalaa Finfinnee argataa jiran gama liiqii kanaan ta'u ibsa.

Gama kanaan hanga ammaatti dargaggoonti hedduu carraa kana kan argatan yemmuu ta'u, isaan hafanifiis haala kanfaltii isaa baankiwwan waliin ta'uun liqin akka isaanifi mijatu taasifamee bal'inaan gara hojjechaa ture kan bakka bu'ummaa hin qabne ta'u ibsa.



olaanaatiin hojjechaa jiraachuu eera.

Akka ibsa Dargaggo Biraanuutti, yeroo ammaa kana dargaggoota 50 ta'aniif carraan kun mijatee konkolaattota kanneen fudhatanii gara hojjechaa galuu dhimmoota xixiqqoo hafan raawwachurratti argamu.

Hojii isaan damee geejjibaatiin carraa hojin dargaggoonti uumuu irratti hojjechaa jiran ilaaluunis dhaabbanni 'Vision' jedhamu tokko konkolaattota 600 liigichaaf gumaachuuf waadaa galeera. Kennan immoo kan mirkanaa'u mana murtiitiin waan ta'eef yeroo ammaa dhaabbanni kun gama mana murtiitiin kennicha mirkaneessuuf abokaato liigichaa waliin dhiheenyatti xumuruun waraqaan ragaa kan fudhatamu ta'a.

Konkolaattota 600n argaman kanneen dargaggoonti biyyattii hojin dhabeeyyiif ta'aniif ulaaga garagaraatti fayyadamuun kan kennamuuf ta'u ibsee, kunis dargaggoonti naannolee biyyattii hundaafi bulchiinsa magaalataa hundaafi bifaa haqaqabeessa ta'een kan raabsamu ta'uufi konkolaattotni kunnini kan argaman kennaadhaan ta'us baasii geejjibaa biyya kennamerra ka'ee hanga asiitti itti bahe garuu kanfaluun isaanirraa kan eeggamu ta'u hubachiisa.

Dabalataanis hammuma buufatarra turaa deemu kanfaltiin kanfaluun akka hinbaay'anneef hanga danda'ameen yeroodhaan gara biyya keessaa galanii

dargaggoota hojii dhabeeyyiif akka raabsamaniif liigichi xiyyeffannooh hojjechaa jiraachuu ni hima.

"Qabeenyi hangana gahu immoo kan argame akkanumatti lafaa ka'ee yookiin lotoriin muramee osoo hintaane hojii cimaan liigichi dargaggoonti fayyadamoota dinagdee taasisuuf hojjechaa jiru ilaallameeti. Faayidaa kennaa kanaa yemmuu ilaallu immoo tokhoffaa dargaggoonti hamilee horatu, "Edaa nuufis qaamni yaadu ni jiraa?" jedhanii akka yaadaniifi jaalalli isaan biyyasaaniif qabanis akka dabalu ni taasisa; lammaffaa rakkoo dinagdee dargaggoonti hanga tokkoos ni hiika, hanqina geejjibaa furuu keessattis shoorasaa ni bahata, sadaffaa immoo konkolaattootni kunnini kan hojii ta'anii gabatee lakkofsa sadiin gara hojjechaa kan bobba'an waan ta'eef mootummaadhaafis galii dabalataa ni uumu" jedha.

Walumaagalatti, sochiin yeroo ammaa liigichi keessatti argamu rakkolee dargaggoontaa adda baasuun leenjiiwan rakkolee sana furuuf isaan gargaaran erga kennefii booda immoo carraawwan garagaraatti fayyadamuun dargaggeessi dinagdeen ga'oomeefi biyyasaa jaalatu akkasumas nageenya biyyaafi badhaadhina lammilee biyyattiif waardiyyaa dhaabatu akka uumamuuf karooraawwan guguddoo baafatee hojjechaa jiru mootummaanis deeggaruu qaba.

## Ilaamee...

# Harki nagaaf diriire ammayyuu hindachaane

### Kutaa qophiitiin


Rakkoon nageenya qormaata guddaa lammilee hedduu qe'efi qabeenyasaaniirraa buqqise, hir'ina qaamaafi du'aaf saaxile mancaati qabeenyaa hedduuf sababa ta'eedha. Biyya keenyatti ka'umsi rakkoo nageenya hedduun jiraatanis jijiiramaa as garuu daldalli siyaasaafi finxalessummaan sababoota ijoodha.

Mootummaan biyya keenyaas ta'e akka naanno Oromiyaatti nageenya waressuun sirna dimokiraasi dhugaa diriirsuun sirnaafi biyya jabduu ijaaruu irratti xiyyeffanno hojjetamaa jira. Kanaanis imala jijiiramaa gaara jibbiinsaa dhiifamaan diiggee riqicha jaalalaa waliif ijaarra jedhuun hojjileen garaa garaa hojjetamaan maqaa gaarii biyyaa olqabee, dippilomaasi keenyas cimsee ijaarsa biyyaaf utubaa ta'eera.

Haata'u malee, rakkoleen nageenya biyyi rakkolee walfakkaataafi hokkora keessa akka turtuuf jijiirama keessummeessu hinbarbaadne har'as rakkoo nageenya ta'uun ittifufeera. Mootummaan ejennoo rakkolee nageenya keessoo mareefi marabbaan ilaaf ilaameedhaan guutameen akka furuuf ejennoofi obsi qabatee hojjechaa jiru guddadha.

Waamichi nagaafi araaraa irra deddeebbi taasisamaa kan jiru yoo ta'u, harki araaraaf diriire ammayyuu kan hindaachaane ta'u dhiifama taasisuun simannaan humnoota gara garaaf taasisaa jiru agarsiiftu guddadha. Ummanni keenyas nageenyi humna ummataan mirkanaa'u ijaarsa biyyaaf utubaa ta'uus gochaan mirkaneessaa jira.

Bu'uruma kanaan misesonota ABO Shanee booji'amanifi waamicha abbootii Gadaafi mootummaa fudhachuu gara qabsaa nagaatti deebi'an misooma ittifusiisuufi badhaadhina waloo fiduuf xiyyeffanno hojjetamuu qaba.



Misesononi ABO Shanee booji'amanifi waamicha abbootii Gadaafi mootummaa fudhachuu gara qabsaa nagaatti deebi'an Magaala Dambi Doollootti simatamanii.

Misesononi kunneen ilaalcha qeenxe nama dhuunfaa hordofuun ummata Oromoortti safuu cabsuun badii raawwaanneef gaabbineerra; ummannis dhiifama akka nuu taasisu gaafanna jedhan.

Gaaffiin Oromo afan qawweetiin malee deebii hinargatu kan jedhu olola namni dhuufaa fedhii dhuunfaasaa giddugaleessa godhachuu itti walnu nyaachisaa jiruudha. Nutis kana hubannee karaa nagaa hawaasatti makamne.

ABO Shanee kaayyo badii malee, mul'ata biyya ijaaruu waan hinqabneef, mootummaa cinaa hiriiruun nageenyaafi misooma ittifusiisuufi qabna jedhan. Akka gocha raawwaanneef du'atu nuu mala ture. Garuu mootummaan garaa bal'atee dhiifama nuu godhe jedhan. Dargaggooni sodaatanii bosonatti hafanis waamicha dhiyaa kabajuun nagaan akka galan dhaamaniiru.

Abbootiin Gadaafi jaarsoliin biyyaa sirna

garuu ummataafi mootummaa kiisuuf qophoofneerra" jedhe. Caaltuu Abdurramaan gama isheetiin" shaneen holola sobaatiin saboota, sablammootaafi ummattoota walitti buusuuf karorfatee hojjetaa ture" jetti.

"Ergama fudhanee badiiwan garaa garaa raawwataa turreera" kan jette Caaltuu ummata dararaa irraan gahaa turte kiisuuf qophii ta'u himteetti. Shaneen qabeenyi lammilee, kan mootummaaf ummataa barbadeessaa akka ture kan dubbatummo leenji haaromsaa kan hordofe Ahimad Adami.

"Gochan raawwadheti gaabbeera" kan jedhe Ahmad Adam, misesonotni Shanee kaanis ummata dararuu dhiisanii karaa nagaan mootummaati harka akka kennatan gaafateera.

Abbaa Gadaa Abdulmalik Jundii gamasaaniin dargagootni qe'eetti deebi'an hawaasa kiisuun, carraa hojii ummatanii akka jiraatanif kan deeggaran ta'u himan. Nageenyi barbaachisaadha, dargagootni gocha biyya diiguurraa ofqusachuu qabu jedhan.

Bulchituun Godina Harargee Bahaa Aadde Miskii Mahaammad, dargagootni kunneen gocha raawwatanitti gaabbuun, dogoggorsaaniirras baratanii gara qe'eetti akka deebi'an taasifamuu himan.

Dargagootni karaa nagaan harka kennatanii, leenji haaromsaa fudhatan hojii misoomaarratti hirmaachuun fayyadamoo akka ta'aniif deeggarsa ni taasifna jedhan.

Ummatni nagaa barbaada, kanaafis misesonotni Shanee kaanis gocha badii keessaa bahanii waamicha nagaa mootummaan dhiyeesse akka fudhatan isaanis waamicha dhiyeessaniiru. Godina Booranaattis misesononi ABO Shanee ummata dararaa turaniifi qabeenyi mancaasaa turan kanneen harka kennaniifi booji'aman gocha raawwataa turaniin

*Gara fuula 13tti*

## Walittidhufeenyaa hawaasa ollaa daangaa naannolee Oromiyaafi Amaaraa cimsuuf hojjetamaa jira

Walittidhufeenyaa hawaasa naanno Oromiyaafi Amaaraajidduu jiru daran cimsuun rakkoo nageenya daangaa naannoolee ollaa Oromiyaafi Amaaraarratti mul'atu hiikuun jijiirama biyyattiin kallattiilee hundaan ittijirtu ittifusiisuufi badhaadhina waloo fiduuf xiyyeffanno hojjetamuu qaba.

Rakkoo nageenya daangaa naannoolee ollaa Oromiyaafi Amaaraa jidduu jiru hiikuun akkaataa walittidhufeenyaa hawaasa cimsuun danda'amuufi qindoomiinaan hojjechuun danda'amuurratti gaggeessitoonni Aanaalee Godina Shawaa Bahaafi Naanno Amaaraa, Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Minjaar Shankaarrraa dhufan tibbana Magaala Mojotti mari'ataniiru.

Daandii jijiiramaafi misooma biyyattiin jalqabde duubatti deebisuuf gocha ajjeechaa, saamichaafi shorokeessa garagaraa diinni lammilee nagaarratti raawwataa jiru hambisuuf hawaasni mootummaa waliin dhaabatee kutannoofi tokkummaan hojjechuun

finxalleeyyi Amaaraafi ABO Shanee saaxiluun tarkanfii cimaan fudhatamaa akka jiru naanno Amaaraatti Bulchaan Godina Shawaa Kaabaa Obbo Makaashaa Alamayyo himan.

Rakkoo nageenya daangaa naannoolee lamaanii aanaalee Gumbichuu, Lumee, Boosaatiifi Fantaallee, akkasumas naanno Amaaraa, Aanaa Minjaar Shankaoratiin waldaangessan hundeerraa hiikuun nageenya waara fiduun waliittidhufeenyaa waliin jirenya ummata Oromoofi Amaaraa daran cimsuun jijiirama biyyattiin kallatti hundaan jalqabdee ittifusiisuufi misooma waliin fiduuf xiyyeffanno hojjetamaa jiraachuu ammoo Ittigaafatamaan Paartii Badhaadhina Godina Shawaa Bahaafi Naanno Amaaraa, Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Minjaar Shankaarrraa dhufan tibbana Magaala Mojotti mari'ataniiru.

Qormatiileefi hudhaalee paarticha keessatti mul'atan qabsoodhaan hundeerraa hiikuun gaggeessaan sadarkaan jiru walittidhufeenyaa hawaasa jidduu jiru guddisuuf kutannoofi



xiiqidhaan fayyadamummaa ummataa mirkanneessuuf hojjechuu qaba jedhan.

Qaamolee karaa qaxxaamuraatiin faayidaa hinmallegachuu faangoo mootummaa harkaa qaban dawoo godhachuu kontirobaandii naanneessaa jiraniifi diinni hawaasa jidduu

deemuun ummata tasgabbi dhorkuun hawaasa nagayaan waliin jiraatu waluu biyyaa diiguuf hojjechaa jiran araarama tokko malee tarkanfii irratti fudhachuu olaantummaa seeraa mirkanneessuuf hojjetamaa jiraachuu eraniiru jechuun BKO gabaaseera.



## Doktar Abiyyi Hogganaa Humna Dafee Qaqqabaa Sudaan waliin mari'atan

Rippoortara Gaazexichaatiin

**Finfinnee:** Ministerri Muum mee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD) dhimma nageenya Sudaaniratti Hogganaa Humna Dafee Qaqqabaa Sudaan Jeneraal Amdaan Dagaaloo waliin mari'atan.

Doktar Abiyyi Jeneraal Amdaanifi jilasaanii Kamisa darbe Finfinneetti simachuun haala Sudaan keessatti dhimma nageenyi waaraan bu'uratti mari'achuu karaa toora marsariitii hawaasasaanii ibsaniiru.

Jeneraal Amdaan Dagaaloofi jilasaanii

buufata Xayyaraa Boolee Idil Addunyaatti argamuun kan simatan Ministira Muummeefi Ministira Haajaa Alaa Obbo Dammaqa Mekonnoni.

Tibba darbe Pirezidaantiin Mana Maree Walabaa Rippablika Sudaan Jeneraal Abdulfattaa Alburaaniifi jillisanii gara Finfinnee dhufuun dhimma Sudaaniratti Doktar Abiyyi waliin mari'achuunsanii ni yaadatama.

Wal dhabbiin Jeneraal Amdaan Dagaaloofi Jeneraal Abdulfattaa Alburaaniifi gidduutti mudate Sudaan gara waraana hamaatti ceesisee jira.

du'aan addunyaa kanarrraa gargara ba'e.

Obbo Tamasgeen abbaa ijoolee dhiiraa lamaafi durba tokkoo ture.

Gaazeexeessafi Barreessaa Tamasgeen Gammadaa Goobanaa bara 1971 kitaaba Afaan Oromoo matadureensaa, "Waldhaansoo Gitootaafi Warraaqsa Ummataa" jedhamu qabee Saabaatiin barreesee dubbistootaaf dhiyeesseera.

Gaazeexeessafi Barreessaaa Tamasgeen Gammaddaa, bara jirenyasaa keessatti ejjennoo Oromummaadhaan cunqursaa ummata Oromoora ture dhabamsiisuuuf qabsaa'ota Oromoo wajjin walquunnamtii cimaa kan qabu ture.

Keessumaa hogganaa paartii M.I.S.N. / Sochii Soshaalistummaa Itoophiyaa/ kan ture Obbo Hayilee Fidaa wajjin hiriyaan mana barumsaa turan. Bara jalqaba warraaqsa Itoophiyaa keessattis waliin hojjechaa turan.

Bara hojisaa keessattis ilaachaa Oromummaasaatiin bara mootummaa Dargiis ta'e ADWUI ija shakkiitiin waan isa ilaalanifi guddina sadarkaa hojiifi mindaah dhorkanii hacuuccaa guddaa irraan ga'aa turan.

Keessumaa ilaachaa Oromummaasaa kanaan bara 1970 magaalaa Hararitti hidhamee akka ture nan yaadadha. Kana malees ji'a Bitootessa bara 1998 -1999 mana hidhaa Qaallittiitii wagga tokkoof hidhamee ba'eera.

## Mee isaan...

Gaazexessaafi barreessaa Tamasgeen Gammadaa wajjin seenaa keessatti yeroo jalqabaatiif sadii ta'anii tamsaasa raadiyonii Itoophiyaa, Qophii Afaan Oromoo Magaalaa Finfinneerra dabarsuu kan jalqaban, Kiflee Jootee Gammachuufi Obbo Kumaa Eda'ee, sirriiti walitti qabadhee, akkuman xumuureen isinii dhiyeessuuf waadaan gala.

Kanneen ummataafi biyyaaf hojjetaan yaadachiisuufi yaadachuu dirqama barreessitoota seenaafi ogbaruu Afaan Oromoo waan ta'eef, hayyooti Oromoo ogummaa kanarratti bobaatan, barreessitooti seenaa sirnooti cunqrsitootni darban jajallisanii, gara ofisaaniitti looganii barreessan, akkasumas kan dhoksan, qorattanii ifa baastanii, barreessuu dirqama Oromummaa keessan ta'u kabajaan isin yaadachiisuun barbaada. Ummati Oromoos waan baay'ee isinirraa eega.

Yeroon seenaa kana barreessu ilmi Obbo Tamasgeen, Amantii Tamasgeen Gammadaa suurasanii naa kennuudhaan waan na gargaareef nan galateeffadha.

Yaa kabajamtootaafi jaalatamtootaa, Barooti seenaa kana keessatti ani ibse hundi, akka lakkofsa Itoophiyaatti.

**Waan dubbistaniif galatoomaa!**

**Isaayyaas Hordofaa Mijanaa**

## Qophii sirna walharkaa...

raabaa dhufa. Achiis gara doorii dhufee, achi keessatti waddeessa muree gara gadoomaa dhufa" jedhu.

Akka ibsaogeessakanaatti, Gujiitti namni tokkoo wayita Gadaaf kaadhimamu Golocha Fooqaa ykn Gannaalee gamatti leenjiif galee, rakkinaa bal'ina hunda dandamatee ba'ee Gadaa ta'uun baallii fudhata. Wayita kana yuuboonti baatii tokkoof barsiisanii qopheessu. Ji'a tokkoo kana keessaa torban tokko midhaanifi bishaan malee dabarsan. Leenjiin kun lolaafi ifaajii guguddaallee of keessaa qaba. Kunis namni nama bulchu tokko itti tole bulchuu qofa osoo hintaane rakkolee barachuu qaba jedhamee waan amanamuufi.

Adeemsa kana keessa darbee gaafa baallii fuudhu akkamiin akka namaafi lafa bulchan hubata; bara dhabiinsaa dhabe jedhee osoo hinmufatiin baqachurra dura dhaabatee, dheebuuf beela danda'ee akka dabarsuuf leenjichi kan fayyadu ta'uun himu.

Akka Sirna Gadaatti, Abbaan Gadaa baallii kenne soorama ba'uu hindanda'u; sababnisas Gadaa keessatti guddinni gulantaawwan garagaraa waan jiranifi erga Gadaa kennee booda Baatuu, Hayyuu guddaa, Hayyuu Xiqqaa jechaa duraa duubaan tajajilaa hanga Yuubaatti guddatu. Kana keessatti hojji gorsuu, qajeelchuu, araarsuu, fala kaa'uufi kfkf hojjechuun hanga guduruu

ta'utti tajajilee jirenyasaa kan xumuru.

Abbaan Gadaa erga gaafa baallii fuudhee kaasee ooltee bultee ummataa gaafachuun sirnicha keessatti beekamaa ta'uun kan dubbatan Obbo Duubeen, Waaqa galateeffachaa ummatasaa tajajiluuf qe'eesaa gadhiisee, maatiisaa, hayyoota Gadaa, fagaafi jaldhaabasaa fudhatee ardaa jilaatti godaanuun tumaa sirna gadaa ta'uun himu. Bulee Horaa Baargudaa ka'ee hamma dhufee Me'ee Bokkoo ga'ee baallii kennuutti miilaan malee konkolaataan deemuun akka hindanda'amne ibsu.

Wayita ardaa jilaa qaqqaban aduu seentus abidda ho'ifachaafi dhiyaana nyaachaa, daa'immanis waa'ee Gadaa itti himaa ittiin guddisuunis waan ardaa jilaa keessatti raawwatamu ta'uun himanii, yommuu lafti bariitus rakkoo hawaasaa gaafachuun akkaataa sirna Gadaattiin furmaata kan kennan ta'uun addeessu.

"Godaansa ardaa jilaatiin ardaan Jilaa Daraartuu Godina Gujii, Aanaa Doolaa Reeddeetti argamu bakka maqbaasiin itti jilatamuudha. Jilli kunis kan jilatamu wayita Abbaan Gadaa baallii yeroosaa xumuree baallii kennuuf jedhutti raawwatama. Gadaan Harmuufaa warri amma baallii harkaa qabuus haala kana keessa kan darban yoo ta'u, kora Gadaa waamuunis yaa'ii ni taa'a. Kunis waggoota saddeet keessatti yeroo tokko waamama" jedhu.

Akka ibsa ogeessa kanaatti, kora kanaan hojji Abbaan Gadaa bara baallii harka jiru hojjete ni qaacceffama; hojji inni rakkoo hawaas dinagdee ummatichaa hiikuuf hojjetes ni qoratama. Gadaa keessatti yoo Abbaan Gadaa badii balleesse qabaates Hayyuutu adaba. Haala kanaan bakka abbootiin Gadaa Harmuufaa gosa hangafaafi quxusu Uraagaa, Maattiifi Hookkuu akkasumas hayyooni Gadaa argamanitti Odaa Adoolaatti gumii taa'eera.

Abbaan Gadaa amma baallii of harkaa qabaniifi dabarsuuf qophiitti jiran Abbaa Gadaa Jiloonis gumicharratti baallii kennuuf waadaa seenusaanii himanii, wayita ammaas waantota irraa eegaman hunda fixatanii Ardaa Me'ee Bokkuuti baallisaanii kennuuf qophiitti jiraachuu kaasu.

Akka waliigalaatti, sirni dimokraasiis addunyaaaf fakteenya ta'u kun kunuunfameefi eegamee as ga'uunsa waan guddaa yoo ta'u, hambaa kiliyaa ta'uun galmee Yuuneskoorrattis galmaa'uunsa milkii guddaadha.

Sirni kun akkanumaan miidhagee dhalootaa dhalootatti akka darbuuf akka akaakuu barnootaa tokkootti kennamaa jiraachuu gaarii ta'us, keessumaa babal'achuu teknolojifi barnoota ammayyaa akka sirmicharratti dhiibbaa tokkollee hingeessisneef hunduu ittigaafatamasaa ba'achuu qabaan ergaa keenya.

## Harki nagaaf...

gaabbuun nagaa filachuun leenji haaromsaa ji'oota lamaaf fudhachuun ummati makamaniif bakka abbootiin Gadaa, hadhooleen Siinqueefi abbootiin amantii argamanitti simannaan taasifameeraaf.

"Badii dalagne hundaaf dhiifamni nuu taasifamee nagaadhaan hawaasatti numakuun dhugumayyu harki mootummaa araaraaf diriire simataa nagaa ta'uusaa mul'isa" kan jedhan ammoo miseensota ABO Shanee leenji haaromsaa booda Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti simatamaniidha.

Godinichatti miseensoni garichaa booji'amanifi harka kennatan leenji haaromsaa fudhatanii hawaasatti makamaa jiru. Hawaasnis ijoolleesa dogogoraan humnoota badiitti makaman simachaa jira. Miseensoni Shanee Leenji haaromsaa booda godinichatti simannaan taasifameef yaada kennaniin, "Badii nuti dalagne hundaaf dhiifamnuu godhee nagaadhaan hawaasatti numakuun dhugumayyu harki mootummaa araaraaf diriire simataa nagaa ta'uusaa mul'isa" jedhan.

Torban darbe miseensoni ABO Shanee kuma tokkoofi 521 gocha raawwataa turanitti gaabbuun nagaa filatanii leenji haaromsaa ji'a lamaaf fudhachaa turan xumuruun Magaalaa Shaashamanee, Kutaa Magaalaa Bishaan Gurraachaatti ummati akka makaman taasifameera.

Haaluma walfakeenya qabuun Naannoo Amaaraattis humnoonni karaa seeraan alaa hidhatanii socho'aa turan waamicha nageenyaa mootummaan taasiseefitti fayyadamanii deebi'an Mudde 17 bara 2016 irraa eegalee leenji haaromsaa guyyota kudhanii fudhachaa jiru.

## Beeksisa Caalbaasii

Naannoo Oromiyaatti Waajjiri Maallaqaa Godina Harargee Lixaa Waajjira Bishaaniifi Inarjii Godina Harargee Lixaatiif baajata mootummaa Naannoo Oromiyaa gama waajjira Bishaanii fi Inarjii Godina Harargee Lixaatiin dorgomtoota gahumsa qaban pirojetii bishaan dhugaatii baadiyyaa godina keenya keessatti argamu akkaataa gabatee araan gadii keessatti taa'een dorgomsiisuu barbaada.

Lakk.	Maqaan Piroojeekti	Aanaa	Madda Bishaanii	Hamma caalbaasii (CPO)
1	Waltaane	Gammachiis	Boolla Gadi fagoo	300,000

- Caalbaasiin kun kontiraaktaroota hayyama ijaarsa bishaanii kan harome sadarkaa 5ffaa (WWGC/WWC-5) fi isaa ol Abbaa Taayitaa Konistiraakshini Federaala/Oromiyaa irraa qabaachuu fi hayyama daldalaara kana (2016) harome qaban hundaaf hayyamamaadha. Akkasumas dorgomtootni kunneen Galmaa'aa VAT, xalaya qulqullinaa taaksii waajjira galii irraa, Lakk. Eenyummeessa Taaksii(TIN) fi dorgomtooni dhaabbanni isaanii facaatii dhiheessitootaa (supplier list) kessatti galmaa'uua isaanii ragaa dhiheessuu qabu.
- Waajjirri Bishaanii fi Inarjii Godina Harargee Lixaa (WBIGHL) hojii kana hojjechiisuuf qaama dhaabbate waan ta'eef, dorgomtoota gahumsa qaban pirojetii baadiyyaa araan olitti ibsameef waamicha gochuu barbaada. Hojiileen gurguddoon pirojetii kana keessatti hammataman ijaarsa hojii siivilii, Elektiroo-makaanikaala dhiheessuu fi dhaabuu, ujummoo fi walqabsiiftota dhiheessuu fi diriirsuu.
- Dookimentiin Caalbaasii kun waajjira Maallaqaa Godina Harargee Lixaa irraa

kan gurguramu yemmuu ta'u qarshii hin deebine maallaqa Itoophiyaa 500 (dhibba shan)'n guyyaa caalbaasiin kun qilleensa irra oole irraa kaasee guyyaa hojii mootummaa sa'atii hojii mootummaatti bitachuun ni danda'ama.

- Caalbaasiin kun guyyaa qilleensa irra oole irraa kaasee guyyaa hojii mootummaa 21f dorgomtotaf banaa ta'a.
- Dorgomtoonii Sanada caalbaasi irratti gatii guutan guyyaa Beeksifni kun qilleensa irraa olee irraa eegalee saanduqa dhimma kanaaf qopha'ee Darbi 2 kutaa Lakk.8 keessaa galchuu qabu, saanduqni hanga guyyaa 21ffaa sa'atii 4:00tti banaa ta'a. Caalbaasin guyyumaan kanatti sa'atii 4:00tti cufamee Sa'atii 4:30tti dorgomtootni ykn bakka bu'aan isaanii bakka argamanitti ni banama. Dorgomtoonni ykn bakka bu'aan isaanii jiraachuu baannaanis caalbaasichi ni banama.
- Caalbaasiin kun ragga'ee kan turu guyyaa caalbaasiin baname irraa kaasee guyyaa 120 (dhibba tokkoo fi diigdama) kan turuudha.
- Dorgomtootni hundi dokumantii haadhoo fi waraabbi fi teeknikaalaa fi gatii dhiheessan hunda waaksiidhaan saamsuu fi qaama ilaallatuun irratti mallatteessuun galchuu qabu.
- Daawwannaan iddo hojii dirqamaa fi xalaya ragaa dawwannaan iddo hojii agarsiisu Waajjira Bishaanii fi Inarjii Aanaa fi Bulchiinsa araddaa pirojetichii keessatti hojjatamu irraa fiduun dirqama.
- Waajjirichi yaada fooyya'aa fi filatamaa yoo argate caalbaasicha gartokkeenis ta'e guutummaatti haquuf mirga qaba.

Iddoon isaa Waajjira Maallaqaa G/H/Lixaa

Ciroo

Lakk.Bilb. 0255510517

## Waajjira Maallaqaa Godina Harargee Lixaa

## "Boqqonaan maraammartoo..."

argame hojjiiti hiikuun dhimma ijoo ta'uun misesi Koree Giddugaleessaa Kongirasi Federaalistii Oromoo Obbo Baqqalaa Nagaa ibsan.

Obbo Baqqalaan Wiixata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Sochii fincila diddaa garbummaan walqabee qabsaa'ota Oromoo jumlaan mana hidhaatti guuraman, ajjeechaa fi gidiraa ummata Oromoora ga'aa ture namoota jala bu'uun miidiyaalee garaagaraatti sagalee ta'aa turan keessaa Obbo Baqqalaa Nagaa isaan tokko.

Ummata Oromoof sagalee ta'uusaaniif yeroo turtii waggaa lamaaf mana ba'uun dhorkamanii hidhaa mana keessaa jala turanii. Dararaawwan garaagaraas keessummeessaniiru.

Jijiirama boodas Jawaar Mohaammadfaa akka mana amala sirreessaati gad lakkifamaniif abbootii qabeenya, jaarsolii biyyaafi abbootii Gadaa waliin walta'uun qoodasaanii ba'ataniiru. Amma garuu aangoo hoggansasaanii isa ittaanuttii dabarsuun hojii dhuunfaasaanii cinatti miseensa koree ta'anii dhaabasaanii tajaajilaa jiru.

Akka isaan jedhanitti, biyya afaan qawweetiin ijaaramteefi walhabbiin afaan qawween furamaa turetti marii biyyalessaa yaaduun akka jalqabiitti taatee hinbaratamneefi jajjabeefamu qabuudha. Marii taasifamu garuu maraammartoo jeequmsaa kan



Obbo Baqqalaa Nagaa

dhabamsiisuufi firinsaa bu'aa qabatamaa kan fidu ta'uun qaba.

Biyya angoofi qabeenya to'achuuf geengoo jeequmsaa keessa naanna'aa jirtuuf falli jiru marii qofa ta'uun fedhii namoota hundaa ta'uun himanii; waliin marii'achuun akkuma jirutti ta'e yaada furmaataa marii argame hojjiiti hiikuun kutannoo mootummaan, qaamota mari'ataniifi mari'achiisan qaban amma osoo hintaane kan oolee bulle baramu ta'uun dubbataniiru.

Aadaan marii waan hinturreef biyyi kun hundeeffamasheerra ka'ee waraana aangoorraa walfonqolchuun bututusheee kaasanii; mootonni biyyattii badii waraanni dhaqqabsiisurraa barachuu dhabuun

Wayyaaneen aguuggii dimokiraasiin dhufte illee isaanirratti dabalatee gaaga'ama namoomaa suukanneessaa geessisuushee yaadachiisuu.

Walitti bu'iinsi yeroo ammaa biyyattii keessatti taasifamaa jirus marii yoo xumurame malee hanga dheerataa deemu gaaga'ama kaleessaa daran hammeessas jedhaniiru.

Mootummaan kun marii yaaduunsaa gaarii ta'e marii milkaa'aa garuu manaa akka eegalu hubatamu qaba jedhani; Oromoo dabalate sabootni biroo osoo gara marii biyyalessaatti hin dhufiin dura rakkoo keessoosaanii furachuun milkaa'ina marii sanaaf furmaata jalqabaa ta'uun ibsaniiru.

Keessattuu yeroo ammaa yeroo itti orni qabeenya Oromoof lola banaa jiru kanatti Oromoof wallolaa jiruuf ifa miti kan jedhan Obbo Baqqalaan; gidiraa walitti bu'iinsa mootummaafi qaama hidhatee bosona jiruun ummatni Oromoo argaa jiru maqsuufis ta'e akka sabaatti ajandaa waloo qabtanii marii biyyalessaatti gad ba'uuf marii Oromoof gidduutti eegalamee fashalaa'ee deebi'ee akka ittifulu gaafataniiru.

Waa dhiisuun nageenyaaaf daandii walakkaatti walitti adeemuu baannaan marii milkaa'aa gaggeessuun ulfaataa ta'uun himanii; kana gochuuf ammoo Oromoof akka sabaatti, sabni biroos maal akka fedhu dursanii hubachuun barbaachisaa ta'uun dubbataniiru.

## Dhalootni biyya walharkaa...

dhiyataa tureedha jedhanii; ilmaan Itoophiyaanotaan kunneen biyyi hiddasaanii ganamaa seenaafi aadaa boonsaa qabdu baranii barsiisuu keessatti shoora olaanaa akka qabu hubachiisiiru. Waamichi taasifame kun gama dinagdee, siyasaafi hawaasummaan ergaa guddaa akka qabu ibsaniiru.

Sagantaa garagaraa bocanii dhaloota biyya ambaatti dhalate maddasaanii ganamaa beeksisuutti kan milkaa'an Chaayinaafi Isiraa'eliin akka fakkeenyatti kaasanii; dhalootni maddasa hubate kun ambaasaaddara ta'uun biyyasaa gama turizimiin beeksisuutti keessatti qooda olaanaa qabaachuu eeraniiru.

Dhaloota lammaffaa gara biyyaa dhufu kun hedduumina biyyattii akka hubatuuf agarsiisni nyaata aadaa, sirboota, uffata aadaafi meeshaaleen midhagina saboota garagaraa ni dhiyataa. Daaw'annaan seenaa, uumamaafi namtolchee ni dhiyataa.

Waa'e gootummaa Itoophiyaaf mallattoo ummata gurmaachaa kan ta'e seenaan Adwaas dhaloota kunneenif ni ibsama. Sagantaa ashaaraa magariisaarratti akka hirmaatan haalli ni mijeffama. Dhaloota gara biyyattii dhufan kunneenif tikeetii xayyaaraa kaasee tajaajila hundaarratti fooya'iinsi gatii ni taasifama.

Sagantaan waamichaa kun yeroo boqqonaan garaagaraa ilaalcha keessa galchuusaa dubbatani; waamichi jalaqaba boqqonaa bara haaraa faranjootaa sababeffachuu Mudde 20 bara 2016 irraa yommuu eegalu boqqonnaan ittaanu hanga Fulbaana 20 bara 2017 turu hubachiisiiru.

# ODUU

## Haqa ce'umsaatiif mana murtii haaraa hundeessuun barbaachisaa ta'uun ibsame

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Namoota mirgi namummaasaanii sarbame haqa ce'umsaatiin beenyaa barbaachisaa akka argatan gochuuf mana murtii haaraa, dhaabbata Abbaa Alangaa Addaafi Komishinii Dhugaa Barbaadu hundeessuun barbaachisaa ta'uun Gareen Ogeessota Haqa Ce'umsaa beeksise.

Gareen kun ibsa kaleessa miidiyaaf kenneen akka eeretti, Guraandhala 27 bara 2015 irraa egalee hanga Fulbaana 30 bara 2016tti galtee Imaammata Haqa Ce'umsaaf ta'u walittiqabuuf akka biyyaatti waltaajjiwwan 80 adeemsiseera.

Itoophiyaatti sababoota walitti bu'iinsa baroota adda addaati uumamaniin dhiittaan mirga dhala namaa raawwatameera. Lammilee hedduun gariinsaanii qe'eesaanirraa buqqa'aniru, gariinsaan ammoo lubbuusaanii qaalii dhabaniiru jechuunis ibseera.

Walittibu'iinsa uumamuun lammileen biyyattii kanaan booda akka hinmiidhamneef haqa ce'umsaa diriisuuu barbaachisaa ta'u korichi eeree; kanaafis imaammatni haqni ittiin barbaadamuufi sariiinsa mirga dhala namaa faana walqabatee namootni himatamuu qaban ittiin himataman jiraachuu akka qabus ibsimeera.

Milkaa'ina haqa ce'umsaatiif caasaa haqaa haaraatu barbaachisa kan jedhu gareen



Garichi wayita ibsa kenneti

kun; mana murtii haaraa, dhaabbata abbaa alangaafi komishinii dhugaa barbaadu haaraa hundeessuun hojii haqaafi araaraa hojjechuun barbaachisaa ta'uunis himameera.

Sarbamuu mirga namummaa raawwatameef namoota gaheensaanii olaanaa ta'eefi yeroo sariiinsi mirga namoomaa raawwatamu namootni ittigaafatamummaasaanii bahuuun osoo irra jiru ittigaafatamummaasaanii hin baane

dhiifamni godhamuufii akka hin qabne gareen kun jala sarareera. Kana gochuuf ammoo, seeri yakka biyyatti seera yakka idil addunyaa faana wal simachuu akka qabus ibseera.

Kanamalees, namootni dhiittaan mirga namoomaa irratti raawwatame kaafamuu qabu jechuun akkaataa kabaja namummaasaanii eegeen qe'eesaniitti deebisuun beenyaa miidhamasaanii faana walmadaluu argachuu akka qabanis garichi yaada gorsaa kenneera.

### "Haroon Wancii gara fuulduraatti madda..."

ijaaramaniiru; sararri ibsaas diriireera. Pirojktichii ijaaramuun jiruufi jireenyaa hawaasa naannawaa jijiiruufi fayyadamoona tasisuurur darbee dinagdee naannichaas ta'e biyyattii utubuu keessatti gahee guddaa qaba.

Pikinikoota afran naannawa harichaatti ijaaraman keessaa tokko Wiirtuu Nadhii ykn 'Nadhi Center' jedhama. Hawaasiin naannawichaa irra jireessaan damma omisha. Dammi naannawichaa daraaraa muka heexoorraa omishamu qorichummaaf waan daran barbaadamuuf alattilee kan ergamu ta'u himu. Turistoonni Haroo Wancii daaw'atan dammicha nyaatanii akkasumas bitatanii akka galaniif wiirtuun dammi itti gurguramu naannawa harichaatti ijaarameera. Wiirtichi kaaffee waan qabuuf tajaajila nyaataafi dhugaatis kan kenuu ta'u eeraniiru.

Pikinikii lammafaan 'Gooroo Cultural House' jedhama kan jedhan Obbo Dhaabaan, pikinikicha keessatti nyaatawwaniifi dhugaatiwwan aadaa gara garaatu gurgurama. Turistoonni dhugaatiwwan aadaa kanneen akka farsoo, bookaa ykn daadhiifi nyaatawwan aadaa gara garaa bakka kanatti argatu.

Pikinikii sadaffaan 'Kaaffee Liib' jedhama. Kaaffeen kun maqaa hawaasni naannawichaa ittiin waamamurraa ka'uun moggaafame. Kaaffeen kun nyaatawwan ho'aa turistoonni ittifayyadaman kan dhiyeessu ta'u himu.

Pikinikii afuraffaan seensa Haroo Wanciirratti argama. Pikinikiin kun konkolaataawwan 200 ol keessummeessuu danda'a. Pikinikiin kun bakka itti tikeetiin muramuufi tajaajilli baankii itti kennamus ni qaba. Kana malees restoraantiifi waajjiraalee gara garaa qaba. Komishiniin Turiizmii Oromiyaa bakkichatti waajjira banee gaalaarii iddo hawwataa

turiizmii naannichaag argarsiisan qopheesseera. Waajjirri 'IJA Developers share Company's bakkichatti argama. Pirojkticha kan bulchus kaampaanicha ta'u himaniiru.

Qonnaan bultoota sababa misoomaa harichaatiin lafaafi qe'ee isaaniirraa ka'an 13f ammoo mootummaan manneen sadarkasaanii eggatan naannawaa harichaa ykn loojiitti kan ijaareef ta'u himanii, qonnaan bultooni mana isaaniif ijaarame keessa jiraachaa galii dabalataas akka argatanif kutaa sadii turistootatti akka kireeffataniif qulqullinaan qophaa'eera. Manneen qonnaan bultootaaf ijaaraman bu'uraalee misoomaa barbaachisaniifi meeshaalee mana keessaatiin guutamanii kan kennamanii ta'uus himaniiru.

Manneen kunneen bu'uuraalee misoomaa kanneen akka ibsaas, bishaan akkasumas meeshaalee mana keessaan kanneen akka teessuma, televiizhiniifi siredhaan guutamanii qonnaan bultootaaf darbuu himanii, manneen kunneen achitti kan ijaaramanii turistoonni gara harichaa dhufanis haala jiruufi jirenyaa hawaasa naannawichaarras waa akka barataniiif yaadameeti jedhu Obbo Dhaabaan.

Mootummaan naannoo Oromiyaa qonnaan bultoota naannawichaati ameessa ykn sa'a dhaltii 13 bitee kan kennef yoo ta'u, isaan keessa sagal dhalaniiru. Kana malees hoolotaafi gaagura kannisa ammayyaa'aa bituufi qonnaan bultoota naannawichaatiif kenneera. Naannawichi omisha dammaatiinis waan beekamuuf hawaasni omishicha guddisurratti akka xiyyeffatan yaadachiisaniiru.

Pirojktiin kun ijaaramuusaatiin hawaasni naannawichaa yeroo ammaa tajaajila ibsaafi daandii asfaaltiifi bu'uraalee misoomaa biroo argateera. Tajaajilli telekoomiis '4G' gaheera.

Pirojktichii yeroo ammaa dhaabbiidhaan namoota 560f carraa uumuu himanii, namoonni carraa hojii argatan kenneen hojii turistoota daawwachiisuu, farda turistoonni ittiin imalan dhiyeessuu, hojilee harkaa, nyaata aadaafi yabaloo bishaan harichaarraa ittiin imalan qopheessuurratti gurmaa'anii hojjechaa jiru.

Oggaa loojiin ijaarame hojii jalqabu ammoo namoota 113f carraa hojii kan uumu ta'u himanii, kanaafis dargaggoota kollejotaafi yuniversitiwwanirraa eebfaman 97 guyyoota 45f leenjiin kennamuufi gara Laanganoo deemanii muuxanno akka argatan taasifamuu eeraniiru.

Hogganaan Ittaanaa Biirro Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo Isheetuu Sirneessaa gamasaaniin, "Ijaarsi pirojktichaan kan gurraan dhaga'amerra yeroo qaamaan argamnee daawwannu daran nama ajaa'iba" jedhan.

Haroon Wancii qabeenya uumamaa dilbii waaqni badhaase ta'uus baroota dheeraadhaaf hawaasni naannawichaa, naannoon Oromiyaa ta'e biyyattiin bu'aa barbaachisu irraa argachaa hinturre. Ijaarsi pirojktichaan miidhama keenya kanaan duraa nu irraanfachiisee imala guddinaa, badhaadhinaa keenya milkeessuun fayyadummaa keenya kan mirkaneessuudha jedhu.

Daarektarri Kominikeeshinii Komishinii Turizmii Oromiyaa Obbo Ifabaas Abdulwahaab akka jedhanitti, pirojktichii yaa'iinsi tuurstii naannichaakka dabalu taasisuun galii damicharraa argamu guddisu keessatti gahee guddaa qaba. Hojii mootummaan naannichaakka damee turizmii kennee raawwataa tureen bara darbe damicharra galii biiliyoona 9.6 argameera.

## Itoophiyaan beeyladoota...

Ministeerichatti Ittiqafatamaan Deeskii Daldala Alergi beeyladootaaf bu'aa beeyladootaa Obbo Abbabaa Taaddasaa ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, sababa kontirobaandii beeyladootaatiin Itoophiyaan galii sharafa alaa argachuu maltu dhabaa jirti. Rakkoo kana furuuf ministeerichi kontirobaandii hir'isuuf qooda fudhatoota waliin koree hundeesee hojjetaa jira.

Rakkoo kana karaa seeraan furuuf qajeeltoo seeraa qopheesee ogeessotaafi qooda fudhatoota irratti mariisisuun Mana Maree Ministeerotaatif ergamuus ibsaniiru.

Babal'ina kontirobaandif haalli hojmaata daldala alergi murteessaadhaa kan jedhan Obbo Abbabaan; ministeerichi gabaa seeraqabeessa alergi beeyladootaa cimsuurratti argama jedhan. Kana gochuufis, qaamotni daldala beeyladaarratti bobba'an karaa seeraqabeessa ta'een akka daldalanii hojjiin walitti hidhamiinsa gabaa hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru. Hojii hojjetameenis beeyladoota biyyoota Gamtaa Imireetota Arabaafi Baha Giddugaleessaatti erguun jalqabamuu eeraniiru.

Inistituutii Qorannoo Qonna Itoophiyaatti Qorattuun Dinagdee Qonnaa Doktar Raahimaa Musammaa gamasaanitiin, alseerummaa beeyladaarratti waraqaa qorannoo dhiyeessaniin, Itoophiyaatti daangaa Itoophiyaa kallattii bahaatiin qofa waggaatti beeyladootni kuma 130 karaa seeraan alaa gara alaatti akka baafamaniifi sababa kanaanis biyyattiin galii guddaa dhabaa jiraachuu ibsaniiru.

Bakki baay'inaan argama beeyladootaa daangaa biyyaa ta'u, iddoon tursiisa beeyladaa mijachuu dhabuu, hanqinni hubannoofi odeeoffanoo gabaa, hudhaaleen keellaawwan biyyattiirratti argamanfaa sababoota ijoo ta'uus eeraniiru.

Omishaaleen Qonnaa biyyattiin kanneen akka qamadiifi boqqolloos karaa daldala kontirobaandii baay'inaan gara biyyoota ollaa akka Keeniya, Jibuutiifi Somaaliyaatti baha jiraachuu qorattuun tun ibsaniiru.